



“Itoophiyaafi Emereetonni Araba Gamtoomanii misooma waaraa ittifufsiisuuf tumsasaanii ittifufu”

- Ministira Muummee Abiyyi Ahmad

• Itoophiyaafi Emereetonni Araba Walta’anii dameelee misoomaa 17 irratti waliigaltee mallatteessan

Riippoortara gaazexichaatiin

Finfinnee: Itoophiyaafi Emereetonni Araba Gamtoomanii Misooma waaraa ittifufsiisuuf tumsasaanii akka ittifufuan Ministira Muummee Abiyyi Ahmad ibsan. Waliigalteen

misoomaas mallatteeffame.

Ministirri Muummee Abiyyi daaw’annaa hojiif Itoophiyaa kan dhufan pirezidaantii Emereetota Araba Gamtoomanii Mahaammad Biin Zaayid Al Nahiyaa simataniiru.

Ministirri Muummee Abiyyi “Jaalatamaan obboleessaafi hiriyaan koo Sheek Mahaammad Biin Zaayid Al Nahiyaa baa nagaan Itoophiyaa dhuftan” jedhan ergaa fuula marsariitiisaaniiratti dabarsaniin.

Gara fuula 15tti



Sooraa Haddiis Isheetuu



Ustaaz Abubakar Ahimad



Paastar Tsaadiquu Abdo



Doktor Qana’aa Lammii

“Ummata Itoophiyaa sodaa Uumaa qabu biratti saalquunnamtiin saala walfakkaataa ciigaasisaadha, haraamummaadha”

- Barsiisota Amantii

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Fuudhaafi heerummi yookiin saalquunnamtiin saala walfakkaataa ummata Itoophiyaa sodaa Uumaa qabu

biratti daran ciigaasisaa ta’uu barsiisotni amantii garaagaraa ibsan.

Mana Amantii Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaatti Sooraa Haddiis Isheetuu akka jedhanitti, Macaafa Qulqulluu keessatti yakki

saalquunnamtii saala walfakkaataa bara kakuu moofaa uumamaafi uumaa gargar baasuun dhala namaa irratti dha’icha guddaa fideera. Gochaan kunis dhala namaa mirga walhormaataa mulquufi wantoota seera

Gara fuula 14tti



“Rakkoon siyaasaa biyyattii murtoo ummata bal’aa gaafata”

- Obbo Ibsaa Nagawoo

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Garaagarummaa ilaalcha siyaasaan biyya rakkoo walxaxaa keessa seente baraaruuf murtoon ummata bal’aa murteessaa ta’uu Gorsaan Tarsiimoo Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) Obbo Ibsaa Nagawoo beeksisan.

Gara fuula 14tti

Imaammanni maallaqaa fooyyeffame qaala’ina gatii to’achuuf gargaara

fuula 2

“Dubbiin lafaa dubbii lafeefi dubbii eenyummaati”

- Obbo Guutaa Laachoree

fuula 2

Rakkoo naannoo

Gaambeellaatti mudatee tureen namootni 82 to’annoo seeraa jala oolfaman

fuula 4

ODUU

Imaammanni maallaqaa fooyyeffame qaala'ina gatii to'achuuf gargaara

Taamiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Fooyya'iinsi imaammata maallaqaa Baankii Biyyaalessaa tibbana ifoomse qala'iinsa gatii to'achuuf shoora olaanaa qabaachusaa Yunivarsitii Haramayaatti Hayyuun Dinagdee Fireezar Xilaahun (PhD) ibsan.

Hayyichi ibsa kaleessa Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, fooyya'iinsi imaammata maallaqaa qophaa'ee yaa'iinsa maallaqaa kan qaala'iinsa gatii haalaan hammeessaa jiru to'achuuf daran murteessaadha.

Waantonni qaala'insa gatiif sababa ta'an hedduun jiraatanis hanga barbaadamuu ol maallaqni dinagdee biyyaa keessa kan naanna'u yoo ta'e, qaala'iinsa jireenyaa haalaan hammeessa jedhanii, qarshii gabaatti gadi lakkifamu hir'isuun qaala'iinsa jireenyaa mul'achaa jiru xiqqeessuuf tarkaanfiin baankichi fudhate sirriifi murteessaa ta'uu ibsaniiru.

Imaammata baankotni hanga liqii dhibbantaa 14 akka hincaalchifne kan



Doktar Fireezar Xilaahun

dirqisiisu ta'uu kaasani, kun immoo of eeggannoon yoo raawwachiisan malee gama tokkoon hanga omishaa hir'isuun qaala'iinsa jireenyaaf sababa ta'uu malas jedhaniiru. Haalota dirqamsiisoo ta'aniin alatti mootummaan hojiilee hundaaf akka barbaadetti liqii akka hinarganne kan taasisu ta'uus dubbataniiru.

Kaayyoo gooroon imaammata

bu'aaqabeessa taasisuum hamma liqii hir'isuu qofa osoo hintaane damee kamirratti liqii dabaluu fi kamirratti hir'isuun akka barbaachisu adda baasuu gaafatas jedhaniiru.

Itoophiyaa keessatti imaammata maallaqaa kan kanaan dura ture qaawwa bal'aa waan qabuuf qaala'iinsa gatiif sababa tokko ta'uu kan eeran Doktor Fireezar, haa ta'u malee, biyyattii keessatti walitti bu'iinsi iddoo garaagaraatti uumamu, hanqinni galteewwan qonnaafi seektara industriiwwanii mudachaa jiru, alseerummaan adeemsa daldalaa keessatti mul'atuufi malaammaltummaan qaala'iinsa gatiif sababoota ijoo ta'uu dubbataniiru.

Garaagarummaan galii namoota dhuunfaa gidduu jirus wantoota biyyattiitti qaala'iinsi gatii akka dabaluu taasisan keessaa tokko ta'uu hayyuun dinagdee kun eeraniiru. Rakkoo qaala'iinsa jireenyaa hundeerraa furuuf omishaafi omishtummaa dabaluu, daldaloota seeraan ala omisharratti gatii dabalani irratti tarkaanfii fudhachuun, hojiilee maanufaakcharingii cimsuuf bajata olaanaa ramaduun mootummaan hojjechuu akka qabu Doktor Fireezar dhaamaniiru.



“Gaaffiin kamuu deebii kan argatu hokkoraan osoo hintaane nageenyaaf dursa kennuuni”

- Sammaa Xurunaa (PhD)

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Gaaffiin kamuu deebii kan argatu hokkoraan osoo hintaane nageenyaaf dursa kennuun ta'uu mootummaan Naannoo Amaaraa beeksise.

Haalli nageenya Naannoo Amaaraa boora'uu erga eegalee bubbuleera. Kanaan walqabatee, hoggantoota poolisii naannichaa sadarkaa garagaraarratti argamanirratti ajjeechaan gara jabeenyaa raawwatamaa ture. Hogganaan Paartii Badhaadhinna damee naannichaa Obbo Girmaa Yashiixilaa haaluma kanaan galaafatamuunsanii nama hunda biratti rifaatuu guddaa uumee ture.

Mootummaan naannichaa rakkoolee walajjeechaaf sababa ta'an mariidhaan furuuf yeroo garagaraa waamicha taasisaa ture. Ta'us rakkoon naannoo Amaaraa mariidhaan haa hafuutii seera kabachiisuufuu humna mootummaa naannichaa ol ture.

Mootummaan federaalaas rakkoon mudate kun sadarkaa naannichaatiin akka furamuuf badiiwwan uumamanillee obsaafi gorsaan bira taraa ture. Ajjeechaan qondaaltota mootummaarratti taasifamuufi saamichi daangaa darbe, oolee bulee tibbana addababa'iitti ba'uun badii lubbuufi mancaatii qabeenya hedduuf sababa ta'eera.

Waamicha naannichi taasisen mootummaan federaalaa dhimma kana gidduu seenee tasgabbeessuu danda'eera. Mootummaan naannichaas haala mudate ibsuu yaaleera.

Sadarkaa pirezidaantii ittaanaa naannichaatti Qindeessaan Kilaastara Dhimmoota Bulchiinsaa Sammaa Xurunaa (PhD) ibsa tibbana miidiyaaf kennaniin, namni gaaffii qabu kamuu hokkoraan osoo hintaane nageenyaaf dursa kennuun deebii kan argatu ta'uu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, gartuun hidhatee hokkora uumaa jiru saamicha raawwachuun naannicha giddu gala jeequmsaa gochuuf sochii taasisaa tureera. Hokkorri uumame kunis sochii idilee ugguruurra darbee badii

Gara fuula 15tti



“Dubbiin lafaa dubbii lafeefi dubbii eenyummaati”

- Obbo Guutaa Laachoree

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Dubbiin lafaa dubbii lafeefi eenyummaa waan ta'eef weerarii lafaa weerara eenyummaa ta'uu hubatamuu akka qabu Biiron Lafa Oromiyaa ibse.

Hogganaan biirichaa Obbo Guutaa Laachoree sirna bulchiinsa lafaafi rakkoolee sanaan walqabatan ilaalchisee turtii Dhaabbata Piresii Itoophiyaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, lafti Oromoo magaalatti ijaarsa seeraan alaatiin, baadiyyaatti ammoo qubsuma seeraan alaatiin weeraramaa ture. Weerarii lafaa kun weerara eenyummaan illee akka walqabatu mirkanaa'eera. Jijjiiramni aadaa, eenyummaafi moggaasa lafaa shira weerara lafaatiin kan walqabatuudha.

Sababiin ummachi wareegama qaalii kaffalaatureefi jiru dachee uumaan kenneefirra nagaan ta'uu himanii, mootummaan naannichaas weerara lafaa magaalaa ijaarsa seeraan alaan walqabatarratti tarkaanfii fudhachaa jiraachuu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, naannawa Oromiyaan ollaan waldaangessitu garagaraatti



qaamoleen daangaa bulchiinsaa darbanii lafa humnaan weeraran jiru. Haa ta'u malee, seerri alseerummaa keessummeessu akka Oromiyaattis ta'e akkuma biyyaattuu waan hinjirreef lafa qabatan kana akka gad lakkisaniif yeroo garagaraa itti himameera. Ammas mootummaan naannichaa rakkinnichaa bu'uurraa furuuf xiyyeeffannaan kan hojjetu ta'uu eeraniiru.

Namni lafa gurguruufi ogeessaafi hoggansi haala miyeessi lafa qofa osoo hintaane eenyummaa dhabamsiisaa jiru kan jedhan Obbo Guutaan, mootummaan naannichaa qaawwa seeraan walqabatu duuchuuf labsii haaraa sirna ittifayyadamiinsa lafaa diriirsuun magaalattis ta'e baadiyyaatti lafa seeraan ala qabame deebisuuf hojjechaa

jiraachuu yaadachiisaniiru.

Weerara lafaa babal'isuun walqabatee hoggansaafi hojjetoota hedduurratti tarkaanfiin seeraa fudhatamuu eeranii, tarkaanficha ittifufsiisuu cinattis saamicha lafaa hundeerraa furuuf hojii kaadaastaraa hanga ammaatti taasifameen aanaalee Oromiyaa 134 akkasumas lafa magaalaa baadiyyaa kuma 180 kaadaastarrisaanii xumuramuu himaniiru.

Inisheetiivii lafaa hojiirra ooleen lafti Oromiyaan qabdu hektaarii miliyoona 37 tajaajila maaliif akka oolu adda ba'ee mootummaan naannichaa kallattii kaa'uu eeranii, namni kamuu lafasaa tajaajila jedhameef akka oolchu ummatni duudhaa ganamaa Oromootiin walhordofaa jiraachuus dubbataniiru.

Ragaa abbaa qabiyyee lafaatiin walqabatee qonnaan bultoota hedduuf ragaa abbaa qabiyyee lafaa kennuu ibsani, ragaa abbaa qabeenyummaa kennameen qonnaan bultoonni ragaasaanii qabsiisuun tiraaktara 140 akkasumas qarshii biliyoona tokkoo ol liqii fayyadamuu himaniiru.

Ijoo Dubbii

Nageenyaaf sammuu, jaalala biyyaaf onnee

“Itoophiyaan madda nagaa malee kan waraanaa hintaatu; wantota hunda dura fedhiin keenya nageenya; raayyaa daangaa ce’ee nageenya kabachiisu qabna. Raayyaa Itoophiyaa ta’uun nama boonsa; waraana namni jalqabee namni hinfixu; kan waraannu teknolojiidhaani; kan xumurru garuu raayyichaani.

“Waraana xumurtanii, injifattanii faaruu ummatootaa sabboonoo kan dhageessisu isini. Biyya keessaniif akka yaaddaniif sammuu keessan; jaalala biyyaatiif onnee keessan akkasumas akka hojjettaniif harka keessan kenna.

“Jaalalli biyya keenyaaf qabnu dhiyeenya dhugaaf qabnu kan agarsiisuudha; gochi keessan ijooon biyya jabaattee jiraatte ciminaan ceessisuu haa ta’u” jedhan Ajajaan Waliigalaa Humnoota Waraanaafi Ministirri Muummee Itoophiyaa sirna eebbaa komaandoowwan bu’uuraafi miseensota farra shororkeessummaa Bilaatteetti torban har’aa adeemsifamerratti.

Eeyyee, Itoophiyaan biyya sabaa, sablamootaafi ummatoota hedduu tokkummaasaanii cimsachuudhaan wareegamaan birmadummaa ofii giddugalaa hanga daangaatti tikfachaa turaniifi jiraniiti. Saboonni kunneen humna keessoosaatti tokkummaa, waldanda’uufi eenyummaasaanii cabsuuf tattaafatu cabsaa, tokkummaasaanii caalaatti jabeeffachuun birmadummaafi nagaa biyyaasaanii olqabaa dhaloota dhaalchisaniidha.

Agarsiistuu tokkummaa kan ta’e Raayyaan Ittisaa Biyyaa ilmaan sabaa, sablamootaafi ummatootaa hundarraa kan ijaaramee gaachana biyyaafi abdiin nageenya ta’an faana nageenya dheebotamaa jiru mirkaneessuu keessattis shoorrisaanii olaanaadha.

Komaandoowwan bu’uuraafi miseensonni farra shororkeessummaa eebbifamanis sabootuma nageenyasaaniifi naannawasaanii kabachiifachuuf duudhaalee addaatiin badhaadhan keessaa kan argaman waan ta’aniif waan leenjicharraa argataniifi duudhaalee dhaalan walsimsiisuun tokkummaa nageenya ni hojjetu.

Akkuma taateewwan adda addaarraa hubachuun danda’amutti Raayyaan Ittisa Biyyaa bakka ittiramadame hundatti lubbuu ofii aarsaa gochuun ga’umsa olaanaadhaan ergamasaa naamusa olaanaafi ciminaan bahaa tureera; ammas ergamasaa kana jaalalaan bahachaa jira. Raayyaan Ittisa Biyyaa kan saba tokkoo osoo hintaane raayyaa yeroo kamuu Itoophiyaafi ummatashiitiif dursa kennuun tokkummaan birmadummaa biyyaasaatiif gaachana ta’ee dhaabatuudha.

Haa ta’u malee gareen finxaaleyyii sabummaa dawoo godhachuun fedhii aangoosaanii ummatatti fe’uu barbaadan raayyaa lubbuu ofii aarsaa gochuun kabaja lammiileefi birmadummaa biyyaatiif dhaabatee abdiifi gaachana ta’e kana xiqqeessuuf saba tokkoo fakkeessuun ololawwan garagaraa oofaa turaniiru, jirus.

Finxaaleyyiin saba kamuu bakka hinbuune kunniin alaafi keessaa walgurmeessuun bajata guddaa ramadanii olola maqaballeessii facaasuun humna Raayyaa Ittisa Biyyaa laaffisuuf halkanii guyyaa wixxirfatu.

Raayyaan Ittisa Biyyaa aggaammii birmadummaa biyyaarratti taasifamu kan ittisu gaachana Itoophiyaa ta’uun hubatamee olola facaafamu kamuu akkuma sabaattuu fashaleessuun dirqama lammiilee hunda keenyaa ta’uu qaba. Nageenya keenya waareessuun tokkummaan finxalessitoota maqaa saboota kamuu qabatani socho’an cabsuufi Raayyaa Ittisa Biyyaaf kabaja barbaachisu kennuun murteessaadha.

Kanaaf hawaasni akkuma kanaan dura raayyaasaa maallaqaafi qabeenyaan deeggaraa ture ammas tumsa barbaachisu taasisee kabaja Raayyaa Ittisaasaatiif qabu mul’isuun tattaaffii raayyichi nageenya biyyaa mirkaneessuuf taasisaa jiruuf kabaja; nageenya biyyaatiif sammuu; jaalala biyyaatiif ammoo onnee haa kenninu.

Yaada

Milkaa’ina ijaarsa biyyaatiif seenessa ijorratti xiyyeeffachuu

Charinnat Hundeessaatiin

Adeemsa hawaasa wajjuma tokko ijaaru keessatti miidiyaafi kominikeeshinii tarsiimawaan gumaacha ijoo qabu.

Seenessa (barreeffama taatee tokkoo) kominikeeshinii tarsiimawaa ijoo (‘grand narrative’) biyyi ittiin hogganamu. Miidiyaafi kominikeeshinii seenessa tarsiimawaa ijorraa gore tattaaffii hawaasa siyaasaafi dinagdee wajjuma ijaaruuf taasifamu gufachiisa. Rakkoon kun biyya keenya, Itoophiyaa irra deddeebiidhaan qoraa jira.

Hojiileen miidiyaafi kominikeeshiniin tattaaffii seenessa wajjuma ijaaruuf taasifamu gufachiisan bal’inaan mul’ataa jiru. Ammaantana yeroo murteessaa yaadamawwan biyyaaleessaarratti hundaa’uun seenessa ijaaruun barbaachisurra jirra.

Jijjiiramooni waggoota shanan darbanitti biyya keenyatti eegalaman yaadamawwan tokkummaa Itoophiyaa cimsuu danda’an qabateera. Yaadamawwaniifi seenessa kanneenirratti sirriitti hubannoo uumuun milkaa’ina imala badhaadhinaatiif daran murteessaadha. Waan yaadamooni kunniin sadarkaa barbaadamuun hubannoo hinarganneef asiis achiis rakkooleen mudataa jiru. Kanumarraa ka’uun ogeessoni miidiyaa yaadamawwaniifi seenessarratti hundaa’uun ittigaafatamummaa biyya ijaaru qabu.

Sababa hojiileen miidiyaafi kominikeeshinii keenya karaarraa goruutiin miidhaan biyya keenyarra ga’aa jiru akka laayyootti kan ilaalamu miti. Hojiilee miidiyaa keenya seenessaafi yaadamawwan biyyaatiin mil’achuun tattaaffii ijaarsa biyyaatiif taasifamu keessatti ittigaafatamummaa seenaqaabeessa bahachuu qabu.

Leenjiin tibbana yaadamawwaniifi seenessawwan ijoo Itoophiyaan jijjiiramaa as ittiin hogganamaa jirtu ogeessoni miidiyaa hubatanii akka ittiin hojjetaniif yaadamee Wiirtuu Hayyooma Hoggansaa Afrikaatti kennames kanuma kan mirkaneessuudha.

Kanaanis leenjitooni ijaarsa biyyaa keessatti kallattii tarsiimawaa miidiyaafi kominikeeshiniirratti hundaa’anii hojjechuu eegalaniiru. Rakkooleen sababa hojiilee miidiyaa yaadamawwaniifi seenessawwan biyyaaleessaa sarbaniin uumaman haala qabatamaadhaan hir’ataniiru. Hojiileen miidiyaafi kominikeeshinii ijaarsa biyyaatiif galtee dabalaa jiru.

Seenessaafi ijaarsa biyyaa

Seenessi bu’aa ida’ama dhugaawwan, afoolawwan, seenaawwan, taateewwan odeeffannoowwan dhala namaatti himamaniiti. Bu’aa humnaa dhalli namaa dhugaa (reality) waa fakkeessuuf



Muka seenessaa

ittifayyadamuuti. Seenessi humna dhangala’ina odeeffannoowwan beekumsa (Cognitive)fi miira (Affective) dhala namaa ijaaruudha.

Maddawwan seenessaa

Maddiwwan seenessaa taateewwaniifi mudannoowwan, ragaaleefi afoolawwan, karaa keessa dabarreefi bu’aa ba’iiwwan fa’i.

Seenessa xiqqaa (micro narrative) kan jedhamu yaadamawwan wantota hundarratti kan kooti jedhamu keessaa bahuun Naannoo, godina, aanaa, saba, gosa, amantii fa’iin ibsamaniidha.

Seenessi ijooon (grand narrative) ammoo walitti hidhamiinsa waantotaa, eenyummaa waloo, dhimma hunda keenyaa, kan biyyaa, ardiifi idiladdunyaatiin kan ibsamu yoo ta’u, rakkoo, furmaataafi fedhiin waloos kanuma keessatti eerama.

Ijaarsa biyyaa akka muka seenessaatti

Baalawwan mukicha quucarsan harcaasaanii haaraadhaan bakka buusuu, dameeleesaa soroorsuu, jirmasaa wal’aanuu, sirreessuu, hiddisaa wal’aanuu, sirreessuu baraaruu.

Seenessi ijaarsa biyyaa keessatti qooda eeyyantaafi hi’entaa qaba. Akka ummataatti walittiqabamuufis bittinneeffamuufis, waljaalachuufis waljibbuufis, walittibu’iinsa furuufis hammeessuufis, badiifis misoomaafis badhaadhina hundagaleessaafis hiyyummaafis; humna sassaabbachuufis ta’e bittinneessuuf qooda qaba.

Kanaaf qooda seenessaa ijoofi eeyyantaarratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Keessumaa amaloota jahan ida’amuu (the six Ss) kanneen hubachuun misha. Isaanis, mil’annaa guutuu (synoptic), ida’amuu (synergy), ijaarsa, (Synthesis) madaallii eeguu, (symmetry), walta’anii jiraachuu (Symbiosis), sirna uumuu (system).

Yaadichi waraqaa leenjii mataduree, “Seenessa Ida’amuu, ka’umsa jijjiiramichaafi imala badhaadhinaa Itoophiyaa” jedhuun gorsaa dhimmoota kominikeeshinii Pirezidaantii BMNO, Doktor Biqilaa Hurrisaatiin dhiyaateraa fudhatame.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa’ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaasihuan Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU



Obbo Nutmaan Aliyyii

Waraana miidiyaa qolachuuf hawwaasa hubannoo miidiyaa qabu horachuun barbaachisaadha

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Itoophiyaa keessatti waraana miidiyaa qolachuuf hawwaasa hubannoo miidiyaa qabu horachuun barbaachisaa ta'uu Yuunivarsitii Finfinneetti, Hayyuun Subqunnamtii Gaazexeessummaa Obbo Nutmaan Aliyyii ibsan.

Obbo Nutmaan gaafdeebii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, miidiyaan yoo seeraan fayyadaman meeshaa ittiin biyyi ijaarramu, yoo seeraan itti maayii ba'uu baatan garuu meeshaa biyya diiguu danda'uudha. Itoophiyaa keessatti ka'umsaafi babal'ina walitti bu'insa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa keessatti mul'achaa jiruuf ololli miidiyaa sababa isa guddaadha.

Namoota miidiyaadhaan biyya balleessuuf gurmaa'aniin naannicha keessatti hoggantootni mootummaa ajjeeffamaafi alseerummaan babal'achaa jiraachuu himanii, fincilli mootummaarratti gaggeeffamaa jirus irra caalansaa karaa miidiyaa adeemsifamaa jirufi qabeenyi mootummaafi nama dhuunfaas ajaja gurmuun seeraan alaa karaa miidiyaa dabarsaniin barbadaa'aa jiraachuu himaniiru.

Namootni seeraan ala gurmaa'an miidiyaadhaan hanga biyya diiguutti akka ga'an kan taasise hubannoo hawwaasni odeeffannoo miidiyaarratti qabu baay'ee gadi aanaa waan ta'eefi kan jedhan hayyuun kun, hubannoo ga'aa dhabuu hawwaasaan murnoonni badii uuman karaa miidiyaa akka salphaatti hawaasa gara fedhanitti oofaa jiru. Hubannoo hawwaasni miidiyaarratti qabu yoo gabbate miidiyaaleen oduu sobaa tamsaasan kun dhiibbaa uumuu kan hindandeenye ta'uu eeraniiru.

Biyyoota birootti barnootni kominikeeshiniifi miidiyaa barnoota sadarkaa tokkoffarraa eegalee kan kennamu ta'uu himanii, Itoophiyaatti hubannoo hawwaasni miidiyaarratti qabu dabaluuf barnootni miidiyaafi kominikeeshinii imaammata barnootaa keessa galchuun barsiisuun barbaachisaa ta'uus himaniiru.

Miidiyaaleen oduu sobaa tamsaasan baay'inaan teessoonsaanii biyya alaa waan ta'eef to'achuuf mootummaatti kan ulfaatu ta'uu himanii, summii miidiyaaleen facaasaniin kan miidhamu hawwaasa waan ta'eef hubannoo hawwaasni miidiyaarratti qabu gabbisuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.

Hawwaasni odeeffannoo barbaada waan ta'eef mootummaan odeeffannoo uummatni barbaadu ariitiidhaan biraan gahuun dhiibbaa tamsaasa odeeffannoo sobaan dhufu hir'isuunis barbaachisaa ta'uu haayyuun kun dhaamaniiru.

Rakkoo naannoo Gaambeellaatti mudatee tureen namootni 82 to'annoo seeraa jala oolfaman

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Rakkoo nageenyaa tibba darbe naannoo Gaambeellaatti mudatee tureen walqabatee poolisoota dabalatee namootni shakkaman 82 to'annoo seeraa jala oolfamanii dhimmisaanii qoratamaa jiraachuu Biiron Bulchiinsaafi Nageenya naannichaa ibse.

Hogganaan biirichaa Obbo Chool Kuun ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiif kennaniin akka jedhanitti jeequmsa tibba darbe mudateefi boora'uu nageenya naannichaatiin walqabatee poolisootni 70 akkasumas hoggansiifi hojjettoonni 12 shakaman to'annoo jala ooluun dhimmisaanii qoratamaa jiraachuu ibsu.

Rakkoo nageenyaa uumamee tureen walqabatee qaamoleen qabeenya saamuurratti bobba'anii turanis to'annoo seeraa jala ooluu himanii, kanneen yeroof miliqanii seeraan barbaadamaa jiranis jiraachuu eeru. Waggoota lama dura naannoo Gaambeellaa nageenya amansiisaa qabaachuu eeranii, yeroo dhiyoo as garuu rakkoo nageenyaa darbee darbee mudachaa jiru maqsuuf tattaaffii bal'aan taasifamaa jiraachuu dubbatu.

Rakkoo nageenyaa uumame hammeessuu keessatti adda durummaan kan hirmaatan qaamoleen nageenyaa sadarkaa magaalaa hanga aanaatti jiran eeruu ummataan to'annoo jala ooluu himanii, yeroo ammaa haalli nageenyaa fooyya'aa ta'uun



Naannoo Gaambeellaa

alatti sochiin geejibaa guutummaatti eegalamuus dubbataniiru. Bakka shakkiin jirutti qaamoleen nageenyaa ramadamanii hojiin idilee akka hingufanne taasifamaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Nageenya naannichaa fuulduraaf yaaddoo guddaan ilaalchaafi gocha paartiileen morkattoota naannichaa calaqqisiisaa jiraniidha kan jedhan hoggantichi, ololli paartiileen kunneen oofaa jiraniin walshakkii ummata gidduutti uumamee gara rakkoo birootti akka hinceene ummatni olola dharaarraa of eeggachuu akka qabu ibsaniiru.

Gama mootummaatiinis mariif dursa kennuun bakka hundatti mariin nageenyaa taasifamaa jiraachuu eeranii, xumurarratti konfransiin nageenyaa waliigalaa magaalaa Gaambeellaatti akka qophaa'uufi waliigalteen waloo akka uumamus Obbo Chool himaniiru.

Rakkoon nageenyaa naannoo Gaambeellaa akkuma tumsa naannoleetiin tasgabbaa'ee kan naannoo Amaaraas tasgabbeessuuf hirmaannaan naannolee murteessaa ta'uufi naannichis tasgabbi nageenya waaraa naannoo Amaaraaf qoodasaa akka ba'atu hubachiisaniiru.



Sagantaa maaddii guutuun omisha aannanii liitira biliyoona 8.6n ga'uun danda'ameera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Sagantaa maaddii guutuun omisha aannanii liitira biliyoona 6.8 irraa gara liitira biliyoona 8.6tti guddisuun akka danda'ame Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministeerichatti, Qajeelchituu Raawwachiiftuu Hojii Damee Misooma Beeyladaafi Qurxummii Aade Tsigeredaa Fiqaaduu ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, ministeerichi sagantaa maaddii guutuun omisha nyaataa dabaluuf milkaa'inoota guguddoo galmeeessisaa jira.

Akka isaan jedhanitti, sagantaa maaddii guutuun omisha aannanii liitira biliyoona 6.8 ture waggoota afur keessatti liitira biliyoona 11.7tti ga'uuf hojjetamaa jira. Haaluma walfakkaatuun, killee biliyoona 3.2rraa

gara biliyoona 9.2tti, foon lukkuu toonii biliyoona 90rraa gara biliyoona 240tti, omisha dammaa toonii kuma 147rraa gara 290tti, omisha qurxummii toonii kuma 78rraa gara toonii kuma 216tti guddisuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira. Sagantaa kana milkeessuuf bifa gurmaa'een namootni akka hojjetaniifi deeggarsa qindaa'aa taasisuuf naannoolee hunda keessatti mandaroota hedduu hundeessuun danda'ameera.

Mootummaan sagantichaaf deeggarsa guutuu taasisaa jira kan jedhan Aade Tsigeredaa; galteewwan barbaachisoo guutuuf dhaabbilee galteewwan garaagaraa dhiyeessaniif sharafni biyya alaa mijateefi jira. Deeggarsi nyaata beelladaas taasifamaa jiraachuu eeraniiru.

Horsiisee bulaafi qonnaan bulaan aannan omisha gara gabaatti geessuu akka danda'uuf konkolaataawwan fe'iisa aannaniif oolanis

dhiyataniiru. Ministeerichi cuucii miliyoona 41 namoota omisha lukkuurratti boba'aniif dhiyeessera. Loowwan miliyoona 1.3 diqaalomfamaniiru.

Carraalee gaarii mootummaadhaan uumamaniin ala biyyattiin uumamaan haalota mijatoo maniiwwan maaddii guutuu milkeessuuf gargaaran hedduu qabdi. Biyyattiin haala qilleensa misooma beeyladaatiif daran mijatuufi lafa bal'aa horsiisa beeyladaaf oolus kan qabdu ta'uu himaniiru.

Namoota mandaraan gurmaa'anii sagantichaan omishaa jiraniif liqin dhiyaachaa jiru gahaa ta'uu dhabuun rakkoo sagantichaan walqabatee mul'atu furuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu kan qabu ta'uu himanii, maaddii guutuun qal'iinsa jireenyaa hir'isuufi dabaluu kan gargaaru ta'uus dubbataniiru.



“Yoo haala ittifayyadama qabeenya bishaaniirratti hubannoo cimaan hinjirre dinagdeen keenya miidhamuu danda’a”

- Doktor Aster Tasfaayee

fuula **9**



“Hojiileen seeraafi sirna hojmaataa eeganii akka raawwataman gochuun sirna dimokraasii ijaaraa jirruuf utubaadha”

- Aadde Sa’adaa Abdurahmaan (Afyaa’ii Caffee)

fuula **6**



Shinooyyee, Ashandaa, Shadayifi Solal ayyaana shamarranii

fuula **10**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Hojiileen seeraafi sirna hojmaataa eeganii akka raawwataman gochuun sirna dimokraasii ijaaraa jirruuf utubaadha”

- Aadde Sa'aadaa Abdurrahmaan (Afyaa'ii Caffee)

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Kabajamtuu Afyaa'ii Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurrahmaani. Gaafdeebiin isaan dhimmoota adda addaarratti Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisan akka armaan gadiitti dhiyaateeraa dubbisa gaarii.

Bariisaa: Hojiilee guguddoo Caffeen Oromiyaa irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiru maalfa'i?

Aadde Sa'aadaa: Ijaarsa sirna dimokraasii dagaagsuu, bulchiinsa gaarii mirkaneessuu, misooma si'essuufi ummanni sadarkaan irraa fayyadamu gama hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaatiin fiduun amantaa ummataa cimsuun hojiilee guguddoo Caffeen Oromiyaa raawwatamaa jiruudha. Caffeen Oromiyaa waggoota lamaan darbanitti kaayyoowwan muumee ja'a giddugaleessa godhachuun hojjechaa ture.

Isaanis, dimokraasiifi bulchiinsa gaarii diriirsuu, mirga lammiiwwanii kabachiisuu, nageenya mirkaneessuu, qabeenyi ummataafi mootummaa seeraan hojiirra ooluufi dhabuu to'achuufi hordofuu, hojiileen seeraafi sirna hojimaata eeganii raawwatamaa jiraachuufi dhiisuu hordofuu, kallattiin misoomaa haqaqabeessaafi si'ataan jiraachuufi qaamolee mootummaa gidduu qindoominni hojmaataa jiraachuu mirkaneessuudha.

Bariisaa: Hojiilee dimokraasiifi bulchiinsa gaariiratti raawwatamaniin bu'aan galmaa'e akkamitti ibsama?

Aadde Sa'aadaa: Oromoon ummata aadaa, duudhaafi sirna ittiin bulmaataa boonsaa qabuudha. Oromoon kaleessa Sirna Gadaa bu'uura sirna dimokraasii addunyaa ta'een of bulchaa ture. Har'as taanaan ummanni keenya aadaa, duudhaafi sirna gabbataa kanaan akka walbulchuuf hojjetamaa jira.

Sirna Gadaa bu'uura godhachuudhaan dhimmoota guguddoo dimokraasii biyyaa ijaaruuf gargaaranirratte xiyyeeffannee hojjechaa jirra. Seeronni ba'aniis duudhaa keenya ganamaatti haadeebinu ilaalcha jedhu qabannee sirna ijaaraa jirruuf karaa bu'uura cimaa ta'uu danda'uun, gaaffiifi komii deebisuufi fayyadamummaa ummataa mirkaneessuu danda'uun hojjetamaa jira. Dimokraasiifi bulchiinsa diriirsuufi mirkaneessuun, gaaffii ummataa deebi'eefi hindeebine adda baasuun dhimmoota guguddoo xiyyeeffannaan irratti hojjetamaa jiraniidha.

Caffeen Oromiyaa ergamasaa bahachuuf bu'aawwan guguddoo galmeessiseera. Humna mootummaa qofaan karoora qabanne milkeessuu waan hindandeenyeef ummanni hojii misoomaarratti bal'inaa akka hirmaatu taasifameera. Kenna Tajaajila Lammummaatiin walqabatees seerri baheera.

Kanaanis ummatichi humna, qabeenyaafi

beekumsa qabu qindeessuun rakkoosaa waloo akka furatu taasisaa jira. Keessumaa manneen barnootaatti bu'aa qabatamaan galmaa'aa jira. Manneen Barnootaa Bu'uura Boruufi dareen dabalataa hedduun ijaaramaniiru.

Ummanni dhiyeenyumasaatti baasii malee akka haqasaa mirkaneeffatuufis manni murtii aadaa hojjetaa jira. Kanaanis ummanni haqasaa yeroo gabaabaa keessatti akka mirkaneeffatu ta'eera.

Maanguddoonniifi abbootiin seeraa mana murtii aadaa keessa hojjetan rakkoo waloo keenyaa akkaataa aadaafi duudhaatiin furachuu qabna jedhanii beekumsaafi yeroosaanii aarsaa gochuun, rakkoo waloo furuun haqa mirkaneessaafi araara buusuun nageenya waloo mirkaneessaa jiru.

Hojiin gama kanaan raawwatamaa jiru kan abdiin namatti horuufi ummanni naannawumasaatti haqasaa akka argatu taasisaa kan jiruudha. Sirna ijaaraa jiru keessatti bulchiinsa gaarii mirkaneessina yeroo jennu yaadama aadaafi duudhaa keenya ganamaatti haadeebinu jedhu waliin kan deemuudha.

Buusaa Gonofaan erga hundaa'ee waggaa tokko keessatti hojiilee bal'aa hojjeeteera. Ummanni balaa hongeeff saaxilame ture akka hinmiidhamneef qaqqabeera. Sirni Buusaa Gonofaa ummata Oromiyaa darbee sadarkaa biyyaafi Afrikaatti tajaajila si'ataa, qulqullina qabu ga'umsaan akka kennuuf Caffeen Oromiyaa to'annoofi hordoffii barbaachisu taasisaafii jira.

Dhimmoonni hirmaannaafi walitti dhufeenya ummata keenyaa cimsuu danda'anirratte bal'inaan irratti hojjetamaa jira. Sirni kun cimaa sadarkaa barbaadamurra akka ga'u taasisuuf to'annoofi hordoffiin barbaachisaan taasifamaa jira. Naannoleen ollaallee sirni kun nu fayyada jedhanii akka ofitti fudhatan taasisuufis hojjetamaa jira. Sirnichi dhaloota har'aa qofa utuu hintaane egereefis bu'uura cimaa ummanni keenya rakkoo waloosaa ittiin furachuu danda'u ta'eeti tajaajilaa kan jiru.

Bariisaa: Bu'aalee hojiilee gama mirga lammiilee kabachiisuuf raawwatamaniin argaman nuu eeraamee?

Aadde Sa'aadaa: Itoophiyaa dabalatee biyyoonni Sirna dimokraatawaafi federaalawaan bulan qabiinsa mirga namoomaatiif iddoo guddaa kennu. Itoophiyaan mirgoota lammiilee kabajuufi kabachiisuuf waliigaltee idiladdunyaa mallatteessiteetti.

Heerri biyyattiis ta'e mootummaa naannoo Oromiyaa waa'ee qabiinsa mirga lammiilee kana ifatti kaa'eera. Koreen dhaabbii keenyas haalli qabiinsa mirga lammiilee maal akka fakkaatu bakkeewwan adda addaatti qaamaan argamuudhaan to'annoofi hordoffii cimaa jabeessaa hanqinni akka sirratuuf kallattii kenna jira.



Suurri: Caffee Oromiyaa

Dhimmoonni hirmaannaafi walitti dhufeenya ummata keenyaa cimsuu danda'anirratte bal'inaan irratti hojjetamaa jira. Sirni kun cimaa sadarkaa barbaadamurra akka ga'u taasisuuf to'annoofi hordoffiin barbaachisaan taasifamaa jira

Bakkeewwan rakkoon qabiinsa mirga namaa mul'atan keessumaa tokko Mana Amala Sirreessaarratti iddoo nyaataa, ciisichaafi qulqullina naannawaan walqabatee komiiwwan gara garaa ka'aa turaniiru.

Yeroon dhiifamaa sirreeffamtootarra darbuunis bara darbe bal'inaan ka'aa tureera. Rakkoo qabiinsa mirga lammiileetiin walqabatee ka'aa ture qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin ta'uun to'annoofi hordoffii taasisuudhaan bara darbe sirreeffamtoota kuma sadii oliif dhiifamni taasifameera.

Sirreeffamtoonni turtii mana sirreessaa keessatti dabarsaniin qabiinsi mirgasaanii akkaataa itti yakkasaaniirraa barachuu danda'aniin ta'uu qaba. Sirreeffamtoonni turtiisaanii mana sirreessaa keessatti

dabarsaniin ogummaawwan gara garaa gonfataniin ba'uu qabu.

Sirreeffamtoonnis yeroo mana sirreessaatii ba'an ogummaa horataniin hojii dhuunfaasaniin ummachuu qabu. Manneen sirreessaa baay'een kolleejjii iddoo bashannanaa fakkaatan jiraachuu hordoffii keenyaan adda baasneerra. Sirreeffamtoonni gaaddisa seeraa jala waan jiraniif haala qabiinsa mirgasaaniif xiyyeeffannaan kennamuu qaba.

Manneen sirreessaa keenya baay'ee keessatti jijjiiramni gaariin jiraatus bakkeewwan ammallee xiyyeeffannaan barbaadan waan jiraniif xiyyeeffannaan irratti hojjechuu barbaada. Manneen sirreessaa kutaa dhiphaa qabaniifi keessumaa bakka dubartoonni daa'imman qaban keessatti sirreeffaman akka sirrataniif kallattiin taa'ee irratti hojjetamaa jira.

Bariisaa: Bu'aan hordoffiifi to'annoo qabeenya ummataafi mootummaarratti taasifameen argame hoo akkamitti ibsama?

Aadde Sa'aadaa: Caffeen Oromiyaa hojiilee karoofaman raawwachuudhaaf bajata ni raggaasisa. Bajanni ragga'eefi qabeenyi mootummaa ummatarraa sassaabamu hojiilee karoofamaniif ooluufi dhiisuu ni hordofa. Bajanni ragga'ee seerota bulchiinsa faayinaansii eegee waan karoofameef qofaaf oolee fayyadamummaa ummataa akka mirkaneessuuf yeroo yeroon ni hordofa.

Horataalee mootummaafi ummataarratti qindoominaan hojjennee bu'aa caalu haa galmeessisuu miira jedhuun bara darbe sektaroota 13 waliin sanada waliigaltee mallatteessinee Caffeen abbummaan qabatee

KEESSUMMAA BARIISAA

“Hojiileen seeraafi sirna hojmaataa...”

hojii raawwatamaa tureen jijjiiramni guddaan mul'achaa jira.

Xiyyeeffannoo hoggansaa dhabuudhaan qisaasamni babal'achaa jiraachuufi duubdeebii Argannoo Odiitiin Muummichaa kennu sirnaan hojiitti hiikuu dhabuun, baasii hojiilee raawwatamaniif ba'an sirnaan galmeessuu dhabuun, dokimantii sirnaan qabuu dhabuun, abbummaan hogganuu dhabuun rakkolee sadarkaa naannoo, godinaafi aanaatti bal'inaan mul'ataniidha.

Sababa kanaan waggaa waggaa qarshii guddaatu qisaasa'aa jira. Qarshiin ni kaffalama ykn walitti qabama jedhamee bara baraan naanna'aa deemuufi odiitiin muummichaa ragaa irratti qabaa deemurratti xiyyeeffannaan hojjechaa deemuun barbaachisaadha.

Rakkoo gama kanaan mul'atu furuuf koreen hundaa'ee sosochii cimaa uumuudhaan bara 2014 qarshii biliyoona 3.9 deebisuun danda'ameera. Bara 2015 ammoo qarshii biiliyoona 7.4 deebisuun danda'ameera. Kun to'annoofi hordoffiin qabeenya mootummaarratti taasifamaa jiru xiyyeeffannoo argachuu agarsiisa.

Waggoota lamaan darbanitti manneen hojii mootummaa duubdeebii odiitiin muummichaa kenne hojiirra akka oolchaniif hojii bal'aan raawwatameera. Hojii to'annoofi hordoffii waggoota lamaan darban qabeenya mootummaarratti taasifamaa turaniin qarshii biiliyoona 11.3 sanadaafi maallaqaan deebisuun danda'ameera. Hojiin kun gara fuulduraattis cimee kan ittifufu ta'a. Bakka qabeenyi mootummaafi ummataa seeraan ala hojiirra oolchuun mul'atutti ammoo ittigaafatamummaan akka jiraatu taasisuurratti xiyyeeffannee ni hojjenna.

Bu'aan odiitiin muummee waggoota dheeraadhaaf hojiirra oolaa waan hinturreef qisaasamni qabeenya mootummaafi ummataa dabalaa akka dhufu taasiseera. Qabeenya labsamu keessaa %50 gadi qisaasa'aa ture. Qisaasama qabeenyaa kana hambisuuf Caffeen, hoggantoonni bajata ramadameef bulchaniifi odiitiin muummichaa qindoominaan waliin hojjechaa jiru.

Koreen sirna ittifayyadama bajata mootummaa hordofuufi to'atus hundaa'ee hojii jalqabeera. Sektaroota gurguddoo kanneen akka Biiroo Barnootaafi Fayyaarratti qisaasama bajataa guddaatu mul'achaa ture. Qisaasamni kun fakkeenyaaf kan Biiroo Fayyaa yoo fudhanne, qorichoonniifi meeshaaleen yaalaa gara garaa bituufi hospitaala ijaaruun ragaa itti fayyadama bajataa sirnaan buusuu dhabuurraa madda.

Barana garuu to'annoofi hordoffii Caffichi taasisaa tureen yeroo ji'a tokko hinguunne keessatti qarshii biiliyoona buusuun hojii guddaa kan hojjetee Biiroo Fayyaati. Qisaasama bajata mootummaarratti mul'achaa jiru xiqqeessuuf hundumtuu gahee isaa bahachuu qaba. To'annoofi hordoffiin gama kanaan jirus cimee kan ittifufu ta'a. Sirna ittigaafatamummaa cimsuudhaan qisaasama bajataa xiqqeessuun danda'ameera. Hojiin kun bara 2016s cimee kan ittifufu ta'a.

Bariisaa: Hojiileen seeraafi sirna hojimaata eeganii akka raawwatamaniif hordoffiin taasifamu maal fakkaata?

Aadde Sa'aadaa: Hojiileen seeraafi sirna hojimaataa bu'uura godhachuun hojiirra ooluufi dhiisuu kan hordofuufi to'atu qaamolee mootummaa sadani. Hojiileen



seeraafi sirna hojmaataa bu'uura godhachuun akka raawwataman gochuun hojii fayyadamummaa ummataa mirkaneessuufi sirna dimokiraasii ijaaraa jirruuf utubaadha.

Hojiileen seeraafi sirna hojimaataa eeganii akka raawwataman taasisuun rakkoleen nageenyaa, misoomaa, siyaasaafi dinagdee akka furamaa deeman taasisa. Sirni wal hordofuufi to'achuu (Check & Balance) qaamolee mootummaa gidduutti diriirees aangoon qoodame karaa fayyadamummaa ummataa mirkaneessuun hojiirra oolusaafi ijaarsa sirna dimokraasiif utubaa ta'ee tajaajila.

Bariisaa: Kallattiin misoomaa haqaqabeessaafi si'aayaan akka jiraatuuf hojiin to'annoofi hordoffii ture maal fakkaata?

Aadde Sa'aadaa: Qabeenya xiqqaa ummatarraa walitti qabamu, deebi'ee hojii misoomaaf akka oolu taasisuun gahee mootummaati. Caffeen Oromiyaa hojiileen misoomaa karaa haqa qabeessa, ariifataafi qulqullina qabuun hojjetamanii fayyadamummaa ummataa akka mirkaneessaniif hordoffiifi to'annoo ni taasisa. Gaaffiilee misoomaa ummanni dhiyeessu keessaa kan dursa argachuu qabuuf dursi kennamee hojjetamaa jirra. Hojiileen misoomaa hojjetamaa jiran ammoo hangam ummata fayyadamaa taasisaafi mootummaa waliin walitti dhiyeessaa jiru jechuun madaalamu.

Bariisaa: Qindoominni hojimaataa qaamolee mootummaa gidduu jiru maal fakkaata?

Aadde Sa'aadaa: Biyya sirna dimokiraasiin bultu keessatti hundeeffamni mootummaafi qaamoleen mootummaa sadan (kan seera baasu, hiikuufi raawwachiisu) jiraachuun murteessaadha. Qaamoleen mootummaa

daangaa aangoofi gahee heeraan kennameef akka raawwatan qaamni hordofuufi to'atu jiraachuu qaba. To'annoofi hordoffii qaamolee mootummaa sadanirratti taasifamuun, aangoon qaama tokko biratti garmalee kuufamee akka hinteenye daangessuuf, dhiibbaa ittifayyadama aangootiin walqabatee dhufu hir'isuufi murteewwan fayyadamummaa ummataa giddugeessa godhatan akka darban taasisuuf gargaara.

Aangoon kan ummataati. Caffeen Oromiyaa ammoo bakka bu'aa ummataati. Qaamni ummata bakka bu'e fedhiifi faayidaa ummachaatiif hojjetta. Caffeen Oromiyaa to'annoofi hordoffii geggeessu keessatti misoomni ariifachiisaafi qulqullina qabu kan ummanni sadarkaa sadarkaan irraa fayyadamu jiraachuu hordofa. Keessumaa Caffeen bara hojii ja'affaa kun waggaa shanan kana akka waggaa 25tti itti haafayyadamnu jechuun hojiilee akka mootummaatti karoorfaman xiiqiifi kutannoo cimaan hojjechaa jira.

Rakkolee mul'atan atattamaan furaa deemuun, hojiilee gaggaarii ummanniifi mootummaan waliin hojjettaa jiraniif beekamtii kennuufi hirmaannaa hawaasni hojiilee misoomaarratti qabu daran cimsaa deemuunis hojiilee xiyyeeffanna olaanaan irratti hojjetamaniidha.

Bariisaa: Yaa'ii idilee 5ffaa Caffeen Oromiyaa tibbana taa'amerratti dhimmoonni guguddoon mariif dhiyaatan maalfaadha. Kallattiilee ijoo kaa'ames otoo nuu eertanii?

Aadde Sa'aadaa: Caffeen Oromiyaa tibbana yaa'ii idilee 5ffaa adeemsiseera. Yaa'icharratti ciminoonniifi hanqinoonni raawwii hojii bara 2015ratti mul'atan ka'ani marii bal'aan irratti taasifameera.

Dhimmoota gara fuulduraatti xiyyeeffannoo barbaadanirrattis kallattiin taa'eera.

Fakkeenyaaf olaantummaa seeraa mirkaneessuun rakkoo nageenyaa mul'atu furuuf mootummaan naannichaa qaama hidhatee bosona jiruuf waamicha taasiseera. Qaamni hidhatee maqaa Oromootiin qabsaa'u karaa nagaan akka qabsaa'uuf mootummaan naannoo Oromiyaa yeroo lama Yaa'ii Caffeeratti waamicha taasiseeraaf.

Kan miidhamaa jiru ummataafi dinagdee nannoo keenyaa waan ta'eef qaamni maqaa Oromootiin qabsaa'aa jiru waamicha mootummaan taasiseef fudhatee gara araaraatti yoo dhufan rakkoon nageenyaa Oromiyaa keessa jiru ni furama.

Ummanni Oromoo, aadaa, duudhaafi safuu qaba. Abbootiin Gadaa, haadhooliin Siinqeefi maanguddoonni Oromoo mari'atani rakkooaanii furachuu waan danda'aniif utuu yeroo itti hinkenniin rakkoon nageenyaa kun akka furamuuf gumaacha irra eegamu bahachuu qabu.

Yeroo Oromoon biyya bulchaa jirutti qaamni maqaa Oromootiin qabsaa'u ummatarratti dhiibbaa uumuu waan hinqabneef sochiin araaraafi nageenyaa eegalame cimee kan ittifufu ta'a. Ummanni keenya sadarkaa sadarkaan jirus sochii araaraa kanarratti gaheesaa bahachuu qaba.

Yeroon kun yeroo itti ummanni gamaafi gamanaa walwaraanu utuu hintaane yeroo inni itti taa'ee mari'atee murtee tokkoon yaada biyya kana tarkaanfachiisuu danda'u itti burqisiisee biyya kana ceesisuudha. Mootummaan naannoo keenyaas ta'e federaalaa nageenyaa karaa bananii socho'aa jiru. Caffeen Oromiyaa sochii nageenya mirkaneessuuf taasifamaa jiru deggaraafi hordofaa jira.

Ummanni Oromoo kaleessa aadaa, duudhaafi tokkummaasaatiin beekama. Ummanni Oromoo rakkooosaa gaaddisa jala taa'ee itti mari'atee furatu qaba. Sirnaafi Abbaa Gadaa gidduu taa'ee isa mariisuu qaba. Oromoon tokkummaa isaatiin dhiibbaawwan gara garaa irra gahaa ture dandammatee har'a gaheera.

Har'as tokkummaa keenya ganamaatti haadeebinu jennee hojii hojjetaa jirruun tokkummaan ummata Oromoo cimaa jira. Tokkummaa ummata kana caalaatti mirkaneessuuf ammoo qaamni maqaa Oromootiin qabsaa'aa jiru taa'ee waliin mari'atee yaadaan waliigalee gara nageenyaatti akka dhufuuf abdi qabna.

Oromoon dhalasaa mitii qaamolee walddhaban biraayyuu ni araarsa. Ummanni nageenya, araara, misoomaafi tokkummaa waan barbaaduuf dhimmoota kanneenirratti waliigaluun faayidaa ummataa mirkaneessuun barbaachisaadha. Kanaafuu qaamni araaraaf waamichi taasifameef waamicha araaraa kana fudhatee akkaataa araariifi nageenyi bu'uu danda'urratti mari'achuun barbaachisaadha.

Sababa rakkoo nageenyaa kanaan miidhamaa kan jiru ummata qulqulluu, mucaa, haadha deesse, abbaa, maanguddoo dargaggoota boru biyya kana bulchuufi jijjiiruu danda'antu dhabamaa jira waan ta'eef rakkoo nageenyaa karaa nagaan, mariifi araaraan furuun barbaachisaadha. Caffeen Oromiyaa bakka bu'aafi gaaddisa Oromoo waan ta'eef dhimma araaraa kana cimsee kan deggaru ta'a.

Tarsiimoo ijaarsa dhalootaa dorgomaa ta'e uumuun, aadaa qusannoo hawaasaa daran cimsuun, makaanaayizeeshinii qonnaa

KEESSUMMAA BARIISAA

“Hojiileen seeraafi sirna hojmaataa...

babal'isuufi galteewwan qonnaa dhiyeessuun omishaafi omishtummaa qonnaa daran guddisuun kallattiwwan yaa'icharratti taa'aniidha.

Bariisaa: Sochiin Caffeen bakkabu'ummaasaa mirkaneessuuf taasisaa ture akkamiin ibsama?

Aadde Sa'adaa: Koreewwan dhaabbiifi miseensonni Caffee bara 2015 keessa hojiilee bal'aa raawwataniiru. Koreewwan dhaabbi Caffee godinaalee 19, aanaaleefi magaalota 61fi gandoota 141 keessatti qaamaan gad bu'uudhaan ummata waliin marii adeemsiisuun sadarkaa hojiileen misoomaa irra jiran daawwataniiru. Koreewwan dhaabbi hojiilee misoomaa gaggaarii mootummaafi hirmaannaa ummataatiin raawwatamaniif beekamtii kennuun bakka hanqinni jirutti ammoo xiyyeeffannoon itti kennamee akka hoogganamuuf hordofaafi to'ataa turaniiru.

Kunis hojiilee bara 2014fi 2015 raawwataman gidduutti jijjiiramni guddaan akka mul'atu taasiseera. Humni waa karoorsoofi raawwachuun mootummaa naannichaa dabalaa dhufeera. Mootummaanis gaaffii misoomaa ummatni kaasu deebisuuf xiyyeeffannaan hojjechaa jira. Hojiileen misoomaa sadarkaa sadarkaan raawwatamanis qabatamaan fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuudhaan mootummaafi ummata kan walitti dhiyeessaniidha.

Caffeen bara hojii 6ffaa kun hojmaata haaraa diriirsuudhaan bakka bu'aan ummata qaamaan ummata isa filate gidduutti argamee gaaffiifi komii ummataa dhaggeeffatee waliin akka hojjetu ta'eera. Waajjiraaleen naannoo filannootti akka hundaa'an ta'eera. Waajjiraalee hundaa'an keessaa 143 hojii keessa seenaniiru. Waajjiraaleen naannoo filannootti hundaa'uun ummanni naannawichaa walittidhufee gaaffiilee misoomaafi dhimmoota waloosaarratti akka mari'atuufi miseensonni Caffee rakkoo, yaadaa, komiifi gaaffii ummataa akka dhaga'aniif carraa gaarii uumeera.

Miseensi Caffee waggaatti yeroo lama qaamaan ummata bira gahee yaada, komiifi gaaffii ummanni qabu dhaggeeffatee irratti ni mari'ata. Ummanni hojiilee gaggaarii raawwatamaniif beekamtii kennaa, bakka hanqinni mul'atutti ammoo gaaffii bal'inaan kaasaa tureera.

Miseensonni Caffee bara 2015 qofa qaamaan ummata kuma 730 ol bira ga'aniiru. Mariin yeroo geggeeffamutti bakka bu'oota ummatarraafi qaama dhaggeeffachuu barbaadu hirmaachisuun geggeeffamaa ture. Gaaffii, komiifi rakkoo ummanni yeroo marii kaase kan sadarkaa aanaafi godinaatti deebii argachuu hindandeenye waajjira Caffeeitiin qindaa'ee sektaroota hundaaf raabsamee sadarkaa Caffeen irratti mari'atee deebii akka argatu ta'a.

Hojiilee Caffeen Oromiyaa raawwataa jiru keessaa tokko dandeettii raawwachiisummaa miseensotaa, koreewwan dhaabbi, ogeeyyii Caffee, manneen marii sadarkaan jiraniifi qaamolee Caffee ittiwaamaman cimsuudha. Dandeettii raawwachiisummaa qaamolee kunneenii cimsuuf leenjistoota biyya keessaafi biyya alaatiin mata dureewwan gara garaarratti leenjii akka argatan ta'eera. Koreewwan dhaabbi to'annoofi hordoffii raawwii hojii taasisanirratti hubannoofi beekumsa guutuu akka qabaataniif leenjiin kennameeraaf. Leenjiin kun gara fuulduraattis cimee kan ittifufu ta'a.

Bariisaa: To'annoofi hordoffii keessumaa

damee qonnaa, barnootaafi galiirratti taasifameen bu'aan galmaa'e akkamitti ibsama?

Aadde Sa'adaa: Caffeen hojiilee ummata bakka bu'e biratti fudhatamummaa qabu hedduu raawwataa jira. Mootummaan naannoo Oromiyaa rakkoolee ummataa hundeerraa furuuf maaltu sirraa'uu akka qabu adda baasee xiyyeeffannaan irratti hojjechaa jira. Gama damee qonnaatiinis hojii bal'aan raawwatameera. Omishni qonnaan bulaan keenya kaleessa omishaa ture maatiisaarra darbee gabaaf kan dhiyaatu hinturre. Mootummaan qonna naannichaa ammayyeessuuf makkaanaayizeeshinii qonnaafi galteewwan qonna dhiyeessuudhaan omishaafi omishtummaan qonnaa akka guddatu taasisuun fayyadamummaa ummataa mirkaneessaa jira. Qonnaan bulaan keenyas omisha maatiisaarra darbu omishee gabaa biyya keessaafi alaatiif dhiyeessaa jira.

Hojiileen gama damee barnootaatiin raawwatamaniinis bu'aawwan guguddoon galmaa'aa jiru. Dhaloota boritiif amma haa hojjenu jechuun hojii dhalootarratti hojjetamaa jiruun daa'immaniif xiyyeeffannaan kennamee irratti hojjetamaa jira. Manneen barnootaa dorgomaa taasisuufis hojiilee hojjetamaa jiraniin bu'aawwan guguddoon galmaa'aa jiru.

Hayyoonni bor biyyattii ceesisuu danda'an manneen barnootaa keessaa waan ba'aniif damee barnootaafi xiyyeeffannaan kennamee hojjetamaa jira. Barnoonni sektaroota hiyyummaa hir'isan keessaa tokko waan ta'eef xiyyeeffannaan addaatiin irratti hojjetamaa jira.

Barnootarratti hojjechuun rakkoo hiyyummaa, boodatti hafummaa, dinagdeefi siyaasaa furu keessatti humna guddaa waan qabuuf to'annoofi hordoffii cimaadhaan irratti hojjetamaa jira. To'annoofi hordoffiin kun manneen barnootaa naannichaa keessa jiran hundatti bifa walfakkaatuun adeemsiifamaa jiraachuu dhabuun ammoo dhimma xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu qabuudha.

Galiin naannichaa waggoota sadan darban dabalaa jira. Gaaffiifi galii ummanni misoomaaf qabu deebisuudhaaf humna galii naannichaa caalaatti cimsaa deemuun barbaachisaadha. Hojii galii guddisuurratti hojjetamaa tureen, bajanni naannichaa gara qarshii biliyoona 220 olitti guddateera. Humni dinagdee naannichaa sadarkaa kanatti guddachuun ammoo wantoota karoorsine qixaan akka xumursiifnuuf humna guddaa nuuf ta'eera.

Bariisaa: Rakkoo kenna tajaajilaa furuuf maaltu hojjetamaa jira?

Aadde Sa'adaa: Kenni tajaajilaa hojii raawwatamu kamuu keessatti murteessaadha. Kenna tajaajilaa sektarootni mootummaa kennan gara garaa irratti garuu komii bal'aatu jira. Tajaajilamaa fuula gaariin simatanii keessummeessuu dhabuun, abbaa dhimmaa deddeebisuufi harka ilaaluufi tajaajila maallaqaan bitachuun sektaroota mootummaa garaa garaa keessatti ni mul'ata. Rakkoon kenna tajaajilaa qaamni mana hojii tokko hogganu ittigaafatamummaa itti kennamee dagachuu, sirnaan ba'achuu dhabuurraa madda. Sochii rakkoo kenniinsa tajaajilaa furuuf sadarkaa sadarkaan taasifamaa tureen qaamolee rakkoo uuman adda baasuun hojiirra ari'uun, of eeggannoo irratti barreessuufi mindaadhaan akka adabaman ta'aa tureera. Sammuun namaa amanee yoo hinfudhanne adabbiin qofti



nama barsiisuu hindanda'u. Rakkoon kenna tajaajilaa furumuu kan danda'u yoo qaamni tajaajila kennu miira haqummaan ummata tajaajiluu gabbifate qofa.

Rakkoon kenna tajaajilaa ammayyuu sektaroota lafaafi dhimma ummata walqabatan keessatti bal'inaan ni mul'ata. Rakkoo kenna tajaajilaa kana hirmaannaa uummataatiin ala furuun waan hindanda'amneef bal'inaan irratti hirmaachuu qaba. Ummanni qaamolee kenna tajaajilaarratti rakkoo uuman eeruun saaxiluu qaba.

Hogganaan rakkoo kenna tajaajilaa furuurratti duubatti kan jedhu yoo ta'e ofiis harka keessaa qaba jechuudha. Abbaan dhimmaa kamuu qaama isa deddeebisuufi harka isa ilaaluun kenna tajaajilaarratti rakkoo uumu saaxiluu qaba. Rakkoo kenna tajaajilaarratti mul'atu furuun kan danda'amu yoo hunduu irratti dammaqeefi irratti qabsaa'ee gahee irraa eegamu bahate qofaadha.

Bariisaa: Rakkoo qaala'ina jireenyaa furuuf maaltu hojjetamaa jira?

Aadde Sa'adaa: Qaala'inni jireenyaa akka biyya keenyaattis ta'e addunyaatti rakkoo guddaadha. Rakkoo kana furuun kan danda'amu omishaafi omishtummaa keenya guddisuufi karaa seeraan alaa akka hindeemne ta'uu qaba. Qaamolee omisha dhoksanirratti qabsaa'uufi eeruu kennuunis barbaachisaadha.

Rakkoo qaala'ina jireenyaa kana furuuf omishaalee biyya keessaa guddisuufi kan alaa galan hir'isuurratti xiyyeeffannee hojjechuu qabna. Namoonni harka qalleeyyiin rakkoo qaala'ina jireenyaa kanaan akka hinmiidhamneefis xiyyeeffannaan irratti hojjechuun barbaachisaadha. Hojjetoota mootummaaf ammoo karaa waldaalee gara garaa omishaaleen akka dhiyaataniif haala mijeessuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Komii hanqina dhiyeessii qorichaafi meeshaalee yaala fayyaa furuuf hordoffii taasifameen bu'aan argame yoo jiraate?

Aadde Sa'adaa: Hanqinni dhiyeessii qorichaa ummanni keenya qarshii humnaa oliin qoricha alaa akka bitu taasiseera. Rakkoo dhiyeessii qorichaa kana furuuf Manneen Qorichaa Moodeela Hawaasaa (Community Pharmacy) magaalota keessatti babal'isuun bara 2013tti 32 irra kan turan xumuura bara 2015tti 356 irraan gahuun danda'ameera. Kunis rakkoo dhiyeessii

Rakkoon kenna tajaajilaa ammayyuu sektaroota lafaafi dhimma ummata walqabatan keessatti bal'inaan ni mul'ata

qorichaan walqabatee jiruufi alseerummaa gama kanaan mul'atu furuun ummanni keenya gatii madaalawaan bitatee akka itti fayyadamuuf carraa bal'aa uumeera.

Komii hanqina meeshaalee yaalaan walqabatee jiru furuuf buufataalee fayyaa hawaasa bal'aa keessumeessan 158 keessatti meeshaaleen yaalaa akka 'Altra Saawundii' akka galan taasifameera. Hospitaalota ijaarsisaanii xumamee hanqina meeshaalee yaalaa qabanis akka guutamuu ta'eera.

Bariisaa: Komii kenna tajaajila geejjibatiin walqabatee jiru furuuf to'annoofi hordoffiin jiru maal fakkaata?

Aadde Sa'adaa: Komii kenna tajaajila geejjibatiin walqabatee jiru bu'uurraraa hiikuuf buufata konkolaataa keessatti tajaajila geejjiba teknoolojii diijitaalaa (E-Ticketing)n deeggarama buufataalee gurguddoo akka Adaamaa, Shashamnee, Bishooftuu, Roobee, Mojoofi kanneen biroo keessatti hojjiirra akka hojjiirra oolan ta'eera. Ijaarsi Buufataalee konkolaataa Adaamaafi Shaashamnee harkifateefi madda komii hawaasaa tures barana xumuurameera.

Bariisaa: Maniwwan imala badhaadhinaa milkeessuuf deggarsi Caffeen taasisaa jiru akkamitti ibsama?

Aadde Sa'adaa: Galmoota karoora imala Badhaadhinaa qabaman keessaa inni ijoon misooma ariifataafi dam-daneessa ta'e fiduun jijjiirama hawaasa keenyaa dhugoomsuudha. Galma qabame kana milkeessuuf ammoo, yaada, beekumsa, humnaafi qabeenyaa keenya qindeessuun jijjiiramaafi ce'uumsa diinagdee dam-daneessaa mirkaneessu qabna. Karoora hiixataa qabame baajata mootummaa qofaan raawwachuun waan hindanda'amneef ummata bal'aa hirmaachifnee hojjechu qabna.

Mootummaafi ummanni qindoominaan wal utubanii hojjechuun jijjiirama yaadame akka fidaniif Caffeen Oromiyaa riqicha ta'ee tajaajilaa jira. Hojii qindoominaan hojjetamaa jiru kanaanis, qormaatilee adda addaa nu mudatan dandamnee injifannoowwan adda addaa galmessuu irratti argamna.

Bariisaa: Kallattiin hojii caffee bara 2016 maal maalirratti xiyyeeffata?

Aadde Sa'adaa: Sirna dimokiraasii dagaagsuun, bulchiinsa gaarii mirkaneessuun, wabii nyaataa mirkaneessuun, omisha alaa galu kan biyya keessaan bakka buusuun, alergii guddisuun, carraa hojii bal'aa uumuun, dhaloota dorgomaa ta'e ijaaruun, galii naannichaa guddisuun hojiilee ijoo bara dhufu xiyyeeffannaan irratti hojjetamaniidha.

Karoora Imala Badhaadhinaa Waggaa 10f qabame keessaa bara 2016 kan waggaa 4ffaa raawwachuuf hojiitti seennee jirra. Caffeen Oromiyaa, karoori bara kanaa 'Karoora Xiiqii' jedhamee akka Mootummaa Naannoo Oromiyaatti hojiirra akka ooluuf Yaa'ii Idilee 5ffaa darbe irratti raggaasisuunsaa ni yaadatama.

Abbaa Sa'aa

“Yoo haala ittifayyadama qabeenya bishaaniirratti hubannoo cimaan hinjirre dinagdeen keenya miidhamuu danda'a”

- Doktor Aster Tasfaayee

Waasihun Takileetiin

Hirkattummaa roobaa jalaa bahuun aadaa misooma jallisii gabbisuun omishaafi omishtummaa dachaan dabaluu kanamalees waggaatti yeroo lama omishuun akka gabbatu kan taasisuudha.

Misoomni jallisii kun omishaafi omishtummaa dachaadhaan dabaluu keessatti bakka olaanaa kan qabu waan ta'eef akka biyyaatti babal'atee bu'aaleen gama omisha qonnaa fuduraafi muduraa akkasumas kanneen biroo babal'ataa jiru.

Akka fakkeenyaatti sadarkaa Oromiyaatti misoomni jallisii hara Baatuutti gaggeeffamaa jiru jiraattota naannawaa daran dinagdeen humneessaa kan jiru ta'us ittifayyadama bishaaniirratti qisaasamni jiraachuu Doktor Aster Tasfaayee ni kaasti.

Yunivarsitii Aarbaamincitti Barsiistuu Teknolojii Bishaaniifi waraqaa qorannoo jijjiirama haala qilleensaafi miidhaalee isaan walqabatani dhufanirratti Hara Baatuurratti xiyyeeffatee kan hojjetee Doktor Aster Tasfaayee ittifayyadamni qabeenya bishaanii naannawichatti hojiirra oolaa jiru egeree dinagdee lammiileetiif yaaddoo ta'uu mirkaneessiteetti.

Qonnaan bultoonni naannawichatti misooma jallisiirratti bobba'an ooyruusaanii humnaa ol bishaan itti jallisuun albuudawwan biyyee keessa jiran akka dhiqaman taasisaa jiraachuus ni ibsiti.

Albuudawwan barbaachisoo omishaaleef murteessitoota ta'an wayita akka malee dhiqaman callaan akka gadi bu'u taasisa. Kanamalees sanyiin faca'e sirriitti lafa qabatee ija akka hingodhanne gochuu danda'a jetti.

Akka bu'aa qorannoo Doktor Asteritti qonnaan bultoonni wayita biqiltuu ooyruurra jiru obaasan hamma ijjiisaanii quufutti tilmaamaan obaasuun ala hangi bishaanii murtaawaa waan hintaaneeff buqqa'uufi maca'uu biqilaa qaqqabsiisa. Kunimmoo bu'aan omishaa akka hir'atu waan taasisuuf dinagdeen lammiilee akka miidhamu taasisa.

Dabalataanis bishaan hara keessa jiru sun wayita humnaa ol waraabamee ooyruurra yaa'u hangisaa hir'achaa deema, kanarraa kan ka'e kan hara keessa jirus hurkuun akka gojiinsi hararra qaqqabu taasisa.

Wayita hangi harichaa hir'achaa deemu lubbuqabeeyyiin nyaataaf oolan kanneen akka qurxummii sanyiinsaani qaalii ta'ee fi nyaataaf fixa.

Harri Baatuu qonnaan bultoonni waggaatti al lama akka omishaniifi dinagdeedhaan akka of humneessan taasisuun ala dargaggoonni misooma qurxummiirratti bobba'an galii daldala qurxummiirraa argamuun dinagdeesaanii akka cimsatan kan gargaaruudha. Haata'utii ittifayyadama bishaan jallisii humnaa olii naannawichatti qaqqabaa jiruun qabeenyi bishaanii humnaa ol qisaasa'aa jira.

Kanamalees lubbuqabeeyyiin bishaanicha



keessaa nyaataaf oolan kanneen akka qurxummii hir'achuu bishaanichaan hanga sanyiinsaani baduutti qaqqabuu waan danda'uuf irratti hojjetamuu akka qabu Doktor Aster kaasteetti.

Naannawaan Hara Baatuu waan ho'aa ta'eef bishaan haricha keessa jiru salphaatti hurkuun xiqqaachaa wayita deemu misoomni jallisii sun addaan cituu danda'a. Misoomni qurxummii addaan cituu mala. Galiin omishaalee gara garaarraa argamu xiqqaachuu danda'a. Kanaafuu, hojiin hubannoo uumuu hojjetamuu dirqama jetti.

Wayita qorannoowwan gara garaa haricharratti hojjechuuf deemtetti daawannaa gaggeessaa turteen haalli itti qonnaan bultoonni bishaan obaasan qisaasa'amaaf kan saaxilamedha kan jette Doktor Aster, ittifayyadamarratti miirri maal nadhibdee akka jiru kaasteetti.

Hurkuu harichaatiin walqabatee jijjiirama haala qilleensaa mudatuun hongeen dhufuu danda'a, omishni gadi bu'a, lubbuqabeeyyiin bishaanicha keessa jiraatanis ni dhumatu.

Kanaraa kan ka'e wabii midhaan nyaataatiin of dadhabuun ni mudata, dargaggoonni lagicharratti tajaajila geejjiba bishaanirraa kennuun galii argatan hojii malee waan hafaniif ittifayyadamni qabeenya bishaanii fooyya'uu qaba jetti.

Qonnaan bultoota dubbisuun akkaataa ittifayyadama qabeenya bishaaniirratti hubannoo qaban wayita gaafattettis miidhaa duubaan dhufurratti sodaan kan hinjirre akka kaasan dubbatti.

Wayita achi turtetti ittifayyadamni qabeenya bishaanii qisaasamarraa kan baraarame ta'uu akka malu gorsaa turuu yoo kaastu, qaamni dhimmi ilaalatus gama kanaan irratti

hojjechuu akka qabu bu'aa qorannoosheetiin mirkaneessiteetti.

Bu'aa qorannoo jijjiirama haala qilleensaatiin walqabatee miidhaan qaqqabuu danda'a. Kanamalees ittisaarratti qorannaa rakkoo hiiku gaggeessuu dandeesseetti Doktor Aster.

Kanarraa kan ka'e akka Afrikaatti bu'aa qorannoo rakkoo hiikuu danda'uufi biyyoota birootiif fakkeenyummaan eeramu waan hojjeteeff qorattuu olguddatoo shamarranii taateetti. Qabeenyi bishaanii qisaasa'uun dinagdee biyyaa hubuun ala jiruufi jireenya hawaasummaa lammiilee raasuun gadadoofi godaansaaf saaxiluu akka danda'uudha kan ibsite.

Lubbuqabeeyyiin naannawicha jiraatan hawwata turistiiti. Kana malees simbirroonni qaaliin madda galii ta'uu danda'an jijjiirama haala qilleensaatiin godaansaaf saaxilamu. Kunimmoo madda galii gama tuurizimiiirraa argamu gadibuusuun ala dinagdee laamshessuun eeggattummaan akka babal'atu waan taasisuuf gamanumaa dhimma xiyyeeffannoo argachuu malu ta'uu eerti.

Dhaabbileen dhimmichi ilallatu keessumaa qonni, kanneen dhimma jallisiirratti hojjetan, ogeeyyonni bishaanii, kunuunsa naannawaa waliin ta'ani hojii hubannoo uumuu hojjechuu akka qaban bu'aa qorannichaatiin lafa taa'eera.

Qabeenya uumamaa kan ta'e bishaan dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuuti kan jette Doktor Aster, kunuunsaani haalaan ittifayyadamuufi madda galii taasisuuf dhimma waakkii malee irratti hojjetamuu qabu ta'uu cimsitee dubbatti.

Bishaan jireenyadha, dinagdee hundaaf murteessaadha. Balbala ofiitti akka fedhan

wayita qisaasessan kan dhumatu waan hinfakkaanneef haalli kanarratti mul'atus sirraa'uu akka qabu himteetti.

Doktar Aster miidhaa jijjiirama haalaqilleensaatiin walqabatee dhufuun dinagdeen gaaga'ama keessa seenuu akka danda'u ibsuun ala dhimma kanarratti gadi fageenyaan akka hojjetamuuf barruulee gara garaa addunyaaf arjoomteetti.

Akka ibsasheetti Yunivarsitii Kolombiyaa, 'USA'tti argamu waliin ta'uun barruulee jijjiirama haala qilleensaafi miidhaa isaan walqabatee dhufu kanamalees faloota taa'anirratti qopheessuun dhaabbilee barnoota olaanaa addunyaaf gumaachiteetti. Yeroo ammaas akka galteetti gargaaraa jira.

Keessumattuu ittifayyadamni qabeenya bishaanii fooyya'uu akka qabu, yoo kun hintane gaaga'amni dinagdee qaqqabuu akka malu qorannichaan mirkanaa'eera.

Qorannaan gaggeeffame akka Hara Baatuutti ta'us bu'aan argannoosaa lamiilee hunda misooma jallisiifi omisha qurxummiirratti bobba'aniif galtee ta'ee tajaajila kan jette Doktor Aster qaamonni (dhaabbileen) dhimmi ilallatu of kennanii hojjechuun rakkoo dhufuu malu hir'isuuf akka hojjetan gorsiti.

Yoo kun hintaane jijjiirama haala qilleensaa mudatuun wabii midhaan nyaataan of dadhabuun, dinagdeen kufuun eeggattummaan akka babal'atu waan godhuuf gamanumaa xiyyeeffannaa argachuun irra jiraata.

Bishaan dhumuu danda'a; jijjiirama haala qilleensaatiin walqabatee jechuudha, dinagdee laamshessuun ala lubbuu uumama lafarraa dhabamsiisuurra waan ga'uuf bu'aa qorannoo kana hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

Bu'aaleen qorannoo tokko tokko hojjetamanii rakkoo kan hiikan osoo hintane deebi'ani shelfiirra tuulamuun ba'aa biraa kan ta'an jiru. Haata'utii bu'aaleen qorannoo of eeggannoofi teknolojiin deeggaramanii qabatamaan hojjetaman rakkoo hawaasaa matumaa hiikuu waan danda'aniif akka galteefi cuuphataatti hojiirra ooluu qabu.

Hayyoonni Itoophiyaan qabdu hedduudha. Qorannoofi qo'annoo gara garaa hojjetanii rakkoo hawaas dinagdee lammiileesaanii akka hiikaniif deeggarsi dhiyeessii taasisamuufi qaba.

Yoo kun hintaane waraqaa qorannoo rakkoo hiikuu danda'uufi dhamaatee hedduu qabu qabatamaan hojjetanii dhiyeessuun waan hindanda'amneef gamanumaa irratti yaadamuu qaba.

Walumaagalatti ittifayyadama qabeenya bishanii keenya qisaasamarraa bararuun rakkoo hongeedhaan dhufu hir'isuuf, omishaafi oomishtummaa dachaan dabaluu, wabii midhaan nyaataatiin of danda'uun hanga gabaa alergiif dhiyeessuutti nama geessisuun dinagdeen akka cimuu waan taasisuuf hojii hubannoo uumuu hojjechuun barbaachisaadha.

AADAIFI AARTII



Ayyaanota tibba kanatti shamarraniin kabajaman keessaa

Shinooyyee, Ashandaa, Shadayifi Solal ayyaana shamarranii

Charinnat Hundessaatiin

Shinooyyeen (ingiccaa buqqifannaa) ayyaana ijoolleen dubaraa /shamarran hinheerumiin waggaatti yeroo dhuma arfaasaa yookaan ganna keessa akkuma ollaafi walitti dhiyeenyasaaniitti waliin kabajaniidha.

Walleen gaafa Ingiccaa weellisan

Hiyyoo, hiyyoo yaa daraarookoo

Waggaa malee hindeebitu yaa abaabookoo

Ingiccaankoo faachaa yaa daraarookoo

Yoo bulle hinbeekanii yaa daraarookoo

Hiriyaakoon faarsa yaa daraarookoo

Yoon du'ellee hinbeeku hindeebitu

Yaa abaaboo sherree, yoon malee

yoomiree?

Egaa baatiin Hagayyaa kun ji'a ayyaanonni akka Shinooyyee, Ashandaa, Ashandiyyee fi Solal shamarraniin haala miidhagaadhaan ittikabajamaniidha. Yeroonsaa yeroo baciaqii gannaa keessaa gara birraa booqaatti ce'uuf itti qophaa'amuudhas.

Ayyaanonni kunniin naannolee Oromiyaa Tigraayyiifi Amaaraatti haalota adda addaatiin yeroo walfakkaataatti shamarran afaanota adda addaa dubbataniin kabajamullee sirna uffannaa, tolfannaa rifeensaafi qophiin taasifamu yeroo ittikabajamurraa kaasee gama hundaan walfakkaatu.

Akkuma irrannatti eerre qaamni guddaan ayyaanota kanneenii shamarrani. Ayyaanonni kunniin yeroo gannarraa gara

birratti ce'uuf qophiin taasifamutti ykn jala bultii bara haaraatti kan kabajaman waan ta'eef shamarran abdiifi hawwii guddaadhaan eeggatu.

Dhimma ayyaanota kanneeniirratti dheengadda Gaazexaa Bariisaatiif ibsa kan kennan hogganaa ittaanaan Biiroo Aadaa, Aartiifi Turizimii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Obbo Asfaawu Laggasaas kanuma dhugoomsan.

Akka isaan jedhanitti, ayyaanonni kunniin bara darbes haala ho'adhaan bifa walittidhufeenya hawaasaa caalaatti cimsuu danda'uun kabajame. Ayyaanota kanneen sababeeffachuun hawwii gaarii walii qooduunis jira. Kunis akkuma biyyaattuu walittidhufeenyaa sabootaafi

sablammoota gidduu jiru cimaa ta'uu ifatti kan agarsiisuudha.

Baranas haaluma bardheengaddaatiin sirna ho'adhaan kan kabajamuu ta'uu hoggantichi ibsuun, aadaa ofii walii qooduufi walirraa barachuufis ayyaanonni kunniin akka gumaacha guddaa taasisan dubbatu.

Kanaan alattis gama dinagdeetiin akka hawwata turizimii tokkootti ilaalama. Gama biraatiin shamarran uffannaa aadaasaaniitiin faayamanii, bareedanii bahuu waan barbaadaniif hawwata turizimiifi aadaafi duudhaalee sabootaa agarsiisuu keessatti shoorra olaanaa qabaatu.

Gara fuula 15tti

Argannoowwan haaraa seenaa aartii dhagaarraafi fakkiwwan holqoota keessaa

Kutaa xumuraa

Holqi iddoo uumamaa lafa jalaa qaawwa qabuudha. Karaa dhiphoo (koridoorii)fi golee (holqa) qabaachuu danda'a. Yeroo baay'ee kan uumaman bishaan asiidii (dhadhaa) lafa jalaa dhagaa lallaafaa kan akka dhagaa nooraa yeroo balleessuudha. Dhagaa jabaa kanneen akka giraanaayitii qofatu hafa. Holqi yeroo balaa uumamaa kan akka kirkira lafaa ykn bubbeefi qilleensa qorraatiin uumamuu danda'a. Holqi uumamuu kan akka istalagmaayitiifi istaalaaktii of keessaa qabaachus danda'a.

Isaan kunneen waggoota kumaatamaan lakkaa'aman bishaan dhangala'ee kuufama albuudaa dhiisuun kan hojjetamanidha. Uumamoonni hedduun naannoo seensa holqa keessa jiraatu, fakkeenyaaf bofa, hantuuta, simbira halkaniifi ilbisoota. Holqa keessatti gadi fageenyaan bineensoota muraasa qofatu argama. Yeroo baay'ee battee holqaa keessa jiraatu. Uumamni beekamaan holqa keessatti argamu kan biraan immoo cirracha holqa keessaa (cave crickets)dha.

Dur namoonni holqa keessa jiraatu turan. Namoonni bara dhagaa keessa holqa Awurooppaa hedduu keessa jiraachaa turan. Holqi ammaltee namoota miilaan deemaniif gaaddisa ta'a. Holqi tokko tokko dallaa irratti fakkiwwan babbareedoo qabu. Namoonni holqa qoratan 'cavers' ykn


ispeelolojiisti jedhamu. (Qorannoo holqa ispeeloolojii jedhama.)

Namoonni holqa bashannanaafi sochii qaamaa fa'iif keessa seenu. Holqi yeroo tokko tokko boolla gadi fagoo waan qabuuf kun ispoortii balaa qabu ta'uu danda'a. Holqonnis karaa irra ol ba'aniifi sardamuu qabu. Yeroo baay'ee namoota afuriifi isaa ol waliin holqa keessa seenu. Tokko tokkoon namaa madda ifaa lama ykn sadii qaba. Namoonni waa'ee addunyaa kanaa caalaatti qorachuuf holqa seenu.

Seenaan duraa yeroo namoonni waa barreessuu jalqabaniidha. Jechi 'historiyaa' jedhamu Giriikii durii προ (pre = "dura") fi ιστορία (historia = "seena") irraa kan dhufeedha. Paul Tournal jalqaba jecha Faransaayii Préhistorique jedhu fayyadame. Waggoota kuma kudhanii oliin dura wantoota ilmaan namaa hojjatan holqawwan Faransaay tokko tokko keessatti argateera. Jechi kun jalqaba Faransaayitti naannawa bara 1830tti waa'ee yeroo barreessuu dura ture dubbachuuf ittifayyadame.

Daani'eel Wiilsan bara 1851tti Ingiliffa keessatti fayyadame. Jecha kanatti caalaatti kan fayyadame yeroo DhKD. Yeroo tokko tokko jechi "seena duraa" jedhu bara daran dur ta'eef ittifayyadamnu yoo ta'u, saayintistoonni garuu yeroowwan durii

Gara fuula 15tti



Keessoo holqaa





Daandiin Qilleensa Itoophiyaa

Paarkii Indastirii Qilinxootti qaama keessoo Xiyyaaraa

oomishuuf

Finfinnee: Daandiin Qilleensa Itoophiyaa Paarkii Indastirii Qilinxootti qaama keessoo Xiyyaaraa oomishuuf Korporeeshiniin Misooma Paarkiiwwaan Indastirii, Daandiin Qilleensa Itoophiyaafi Komishiini Inyestimatii hojii kanaaf waliigaltee mallateessaniiru. Waliigalticha kan mallateessan hojii geggeessaa olaanaa Daandii Qilleensa Itoophiyaa Masfin Xaasoo, Komishinara Ittaanaa Komishiinii Inyestimatii Itoophiyaa Daani'eel Tarreessaafi hojii geggeessaa olaanaa korporeeshiniichaa Obbo Akiliiluu Taaddasaati. Obbo Akiliiluun Daandiin qilleensaa imaaltota imaalchisuu qofaa osoo hin taane hojii manufaakcharii irrattis bobba'uufi hojiin kunis milkaa'uun isaa waan gammachisaadha jedhaniiru. Korporeeshinichis hojiin kun

jalqabamee hanga xumuramutti deeggarsa barbaachisu kan taasisu ta'uu himaniiru. Hojii geggeessaan olaanaa Daandii Qilleensa Itoophiyaa obbo Masfin Xaasoo gama isaaniin Daandiin qilleensichaa haala waliigaltichaan meeshaalee keessoo Xiyyaaraa Itoophiyaatti oomishuun oomishitoota xiyyaaraaf dhiheessuun sharafa alaa guddaa kan argamsiisudha jedhaniiru. Daandiin Qilleensichaa Paarkii Indastirii Qilinxoo marsaa 2ffaa keessaa lafa misooma heekataara afur fudhachuun qarshii miliyoona 810'n meeshaalee keessoo Xiyyaaraa oomishuun Booyingi, Eerbaasiifi kubaaniyaa xiyyaara omishuu kan biyya Xaaliyaaniitti argamuuf akka dhiheessuf hojjechaa akka jiru ragaan Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwaan Indastiriiirraa argame ni mul'isa.

Kongirasiin Atileetiksii Addunyaa Daraartuu Tulluu badhaase

Finfinnee: Kongirasiin Atileetiksii Addunyaa pirezidaantii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa gargaartuu komishinaraa Daraartuu Tulluuf badhaasa "Pilaakiwu oof Meeriit" kenneera. Gargaartuun Komishinaraa Daraartuu Tulluu badhaasa kana pirezidaantii federeeshinii Atileetiksii addunyaa Sabaastiyaan Koo harkaa fudhatteetti. Badhaafni kun kan kennameef gumaacha Atileetiksii Addunyaafi Ispoortii Atileetiksiin taasisfeen ta'uu federeeshinichi beeksiseera. Kongirasiin Atileetiksii Addunyaa 54ffaa Haangaarii Budaapeestitti gaggeeffamaa ture murteewwan addaddaa dabarsuun



har'a xumurameera. Kongirasichi walgahii 55ffaa ALA bara 2025 Jaappaanitti akka taa'amu murteesseera.

"Rakkoon siyaasaa biyyattii murtoo..."

Obbo Ibsaan yaada Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf dheengadda kennaniin akka jedhanitti gartuu saamichaaf qophaa'eefi ummata Amaaraa bakka hinbuune tibbana ajandaan qabatee as ba'e sadarkaa gochaatti mitii sadarkaa ajandaattuu sabdaneesummaa biyyattii kan balaaf saaxiluudha. Garaagarummaa ilaalcha siyaasaa qabaachuun fayyaaleessa ta'us jibba sabarratti qiyyaafate calaqqisiisuun garuu gocha hamaa sirrachuu qabuudha.

Ummatni Amaaraa ummata Oromoo waliin ummata baroota dheeraaf waliin jiraatee hariiroo jabaa qabu ta'us murni ummata Amaaraa bakka hinbuune jibba hadhaa'aa ummata Oromoof qabu addababa'iitti ibseera kan jedhan hayyuun kun, ilaalchaafi gocha daandiiirraa maqe seeraan toora qabsiisaa garaagarummaa yaadaa fayyaaleessa ta'e ammoo mariidhaan dhiphisuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.

Seenaa qabsoo Itoophiyaa keessatti sabni walqixxummaa malee olaantummaa kaasaa ture akka hinjirre yaadachiisani, murni saamichaaf of qopheesse kun garuu haala qabatamaa biyyattiirraa goruun ilaalcha olaantummaan mirqaanee ka'uunsaa waan yaade harka galfachuun haa hafuutii taakkuu tokkoofuu tarkaanfachu akka hindandeenye jala sararaniiru. Itoophiyaan ilaalcha moggaatti ba'een yoo xiqqaate erga waggoota 152 as maraammartoo siyaasaa

keessa jiraachuus dubbataniiru.

Haaluma walfakkaatuun waldiddaan siyaasaa Oromoo gidduu kan darara lammiilee nagaaf ka'umsa guddaa ta'aa jiru bilchinaan goolabamuu baannaan waan alaa Oromiyaatti as adeemaa jirutti ida'amee rakkoo hamaa fiduu mala jedhanii, ajandaan Oromiyaarratti qiyyaafate guyyaadhaa guyyaatti darbatamus dhimma salphaatti bira kutamu akka hintaane hubachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, dhimma Oromoofi Oromiyaarratti inni keessaafi alaa akkasumas bosona jirus ejjennoo walfakkaatu calaqqisiisuun abdi namatti hora. Mariin waloo cegalames abdi guddaafi kan cimee itti fufuu qabudha. Oromiyaan giddu gala dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa ta'uunshee yoo nageenyi amansiisaan jiraate qofa. Kanaa achi hanga fuulduratti tarkaanfatan gara duubaatti deebi'uu ta'a.

Haala amma jiruun ummatni maqaa qaama hidhatee bosona jiruutiin saamamaafi dararamaa jira kan jedhan Obbo Ibsaan, gama kaaniin qaamni ittigaafatamummaasaa dagatee maqaa seera kabachiisuutiin ummata naga dararus akka jiru yaadachiisaniiru.

Akka Oromiyaattis ta'e akka biyyaatti aangoo kan kennu ummata waan ta'eef ummatni nagaasaa qofa osoo hintaane sagaleesaa kabachiifachuuf ifaajuu akka qabu dhaamaniiru.

"Ummata Itoophiyaa sodaa Uumaa qabu..."

uumamaa ta'an hedduu balleessudha.

"Nama mitii, horiinu hariiroo saala walfakkaataa irratti hinhirmaatan. Kanaafuu, gochaan kun gochaa dhala namaa horiidhaa gadi taasisseedha. Saalquunnamtiin saala walfakkaataa yakka amantiiwwan hundi ejjennoo cimaan balaaleffataniidha. Itoophiyaa ummatnishee harki caalu amantii garagaraa hordofan keessatti gochi kun amantiin gasittuu akka yakkaatti kan ilaalamudha" jedhu.

Gorsaan Pirezidaantii Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaa Ustaaz Abubakar Ahimad gamasaaniin, saalquunnamtiin saala walfakkaataa yakka eenyummaafi seera uumamaa irraa maqe waan ta'eef ulaagaa kamiinu gocha Itoophiyaafi Itoophiyaanota biratti fudhatama

hinqabne akka ta'e himaniiru. Namni yakka saalquunnamtii saala walfakkaataa raawwate amantii Islaamaafi seera Shariyaatiin hanga du'aatti adabamas jedhaniiru.

Yakki kun gocha kabaja ilma namaa gadi buusu waan ta'eef abbootiin amantii, mootummaafi qaamoleen seeraa yakka kana ittisuurratti hojii manaa hedduun akka irraa eegamus dubbataniiru.

Miidiyaanis dhimmoota xixiqqaa biroof xiyyeeffannoo kennu dhiisanii dhimma kanarratti hubannoo uumuu akka qaban dhaamani, oladeemaan biyyattii aadaa warra Dhihaa isa ciigaasisaa akkasii fiilmiirraa illee ilaaluu akka hinqabne gorsaniiru. Hundaa ol, sirna barnootaa keessattis haalli daa'imman qixa sirriin itti

guddifaman xiyyeeffannaa argachuu jedhaniiru.

Pirezidaantiin Gamtaa Waldaalee Kiristaanaa Warra Wangeelaa Itoophiyaa Paastar Tsaadiquu Abdo gamasaaniin akka jedhanitti, gochichi gochaa Itoophiyaanota hinmadaalledha. Namoota gaa'ila Uumaatti hinamanneefi itti hinquufnetu gochaa gadi bu'aa akkasii raawwata.

Akka amantiitti qofa osoo hintaane akka seera biyyattiitti gochaa kana raawwachuun yakka ta'uu eeranii, gocha sammuu dhalootaa adoochu, amantii, aadaafi duudhaa biyya kana balleessu ta'uusaas himaniiru.

Bakkeewwan dhimmi kun itti raawwatamaa jiran irrattis tarkaanfii fudhachuun mootummaan itti gaafatamummaasaa ba'uu qabas

jedhaniiru.

Pirezidaantiin Waldaa Amantii Waaqeffannaa Addunyaa Doktor Qana'aa Lammii gamasaaniin, "Gochichi gochaa fafaati, dhaloota hamileen kufetu gochaa kana raawwata. Akka amantichaatti namni gochaa kana raawwatee argame haraamuu ta'ee hariiroon inni hawwaasa keessatti qabu adda cita" jedhan.

Warri dhihaa maqaa gargaarsaatiin waan kana gara biyyoota Afrikaatti akka babal'atu gochuu barbaadu. Biyyootni Afrikaa tokko tokko immoo warreen dhihaa kanneenirraa gargaarsa argachuuf jecha namoota hojii haraamuu kana hojjechuu barbaadaniif eeyyama seeraa kennuurratti argamu. Gamtaan Afrikaa biyyoota eeyyama gochaa kanaa kennan of keessaa baasuu qaba" jedhan Doktor Qana'aan.



BARIISAA



Shaampiyoonaan Atileetiksii Addunyaa 19ffaan har'a eegala

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Shaampiyoonaan Atileetiksii Addunyaa Atileetootni Itoophiyaa fiigicha dheerina garaa garaatiin irratti hirmaatan 19ffaan Hangarii magaalaa Budapestitti har'a eegala.

Shaampiyoonichi Hagayya 13 hanga 21tti kan gaggeeffamu yoo ta'u, atileetootni

biyyoota 200 irraa walitti babahan kuma lama ta'an kan irratti hirmaatan ta'uun ibsameera.

Itoophiyaan fiigicha meetira 800 hanga maraatooniitti jiruun shaampiyoonicharratti kan hirmaattu yoo ta'u, atileetota dubara 19fi dhiiraa 16 walumaagalatti atileetota 35 kan hirmaachiftu ta'uunis himameera.

"Itoophiyaafi Emereetonna Araba..."

Hariiroon biyyoota lamaanii guddachaa dhufe walkabajaafi guddina waloof mul'ata walooratti kan bu'uureffate ta'uus ibsaniiru. Biyyoonni lamaan misooma waraa itti fufsiisuuf tumsasaanii akka ittifufan eeraniiru.

Oduudhuma walqabteen Ministirri Muummee Abiyi Ahmadiifi Sheek Mahaammad Biin Al Zaayid Al Naahiyaan jilawwansaanii qabachuun marii garlamees taasisaniiru.

Hoggantoonni lamaan hariiroon Itoophiyaafi Emereetota Arabaa Walta'ani jidduu jiru yeroo gara yerootti cimaa dhufuu isbaniiru. Keessumaa hariiroo ummoota biyyoota lamaanii dhalootasaniin ittaanuuf riqichoota cimaa caalaatti ijaaruu kutattummaa qaban qoodaniiru.

Marii garlamee hordofee hoggantoonni lamaan sirna mallattoo waliigaltee industirii, qonna, investimantiifi faayinaansii dabalatee dameelee adda addaa 17n biyyoota lamaan jidduutti taasifamerratti argamaniiru.

"Gaaffiin kamuu deebii kan argatu hokkoraan osoo..."

lubbuufi qabeenyaaf sababa ta'eera.

Gartuun saamichaaf gurmaa'e kun wayita qonnaan bulaan misooma qonnaan muddamaa jirutti waraana banuun diinummaa ummataaf qabu mul'iseera kan jedhan Doktor Sammaan; sanyii filatamaafi xaa'oon akka qonnaan bulaa hindhaqqabne ugguruun ala saamicha raawwachuusaas himaniiru.

Murnoonni humnoota hidhatanii hokkora uumaa jiran deeggaran gaachana birmadummaa biyyattii kan ta'e raayyaa ittisa biyyaa maqaa balleessurratti fuulleffatanii hojjetaa jiraachuu yaadachiisaniiru. Haa ta'uutii raayyaan ittisa biyyaa naannichatti nagaafi tasgabbi buusuun nageenyi waraa ummataa akka mirkanaa'u taasisuu dubbataniiru.

Ummatni naannichaas nagaafi tasgabbi buusu keessatti tumsa inni raayyaa ittisa biyyaaf taasisseef galateeffataniiru. Nageenya naannichaa waareessuuf sochii taasifamu keessatti ummatni tumsa eegale cimsee akka ittifufus gaafataniiru. Ololakamiinu osoo hinburjaaja'iin yakkamtoota seeratti dhiyeessurrattis deeggarsa taasisaa jiran cimsanii akka ittifufan dhaamaniiru.

Argannoowwan haaraa seenaa aartii...

sanaaf jechoota sirrii ta'an qabu.

Waa'ee namoota seenaa duraa xiqqaatu beekama. Sababiinsaas galmeen barreeffamaa (seena) qo'annu waan hinjirreef. Waa'ee seenaa duraa baruun kan raawwatamu arkiyooloojiiidhaani. Kana jechuun wantoota akka meeshaa, lafee, gamoofi fakkii holqa qorachuu jechuudha. Seenaan duraa yeroo adda addaatti bakka gara garaatti yeroo namoonni barreessuu jalqabanitti xumurama.

Seena duraa bara dhagaa isa durii keessatti namoonni holqa ykn dunkaana gogaa bineensotaa irraa hojjetame keessa jiraatu turan. Meeshaalee salphaa mukaafi lafeerraa hojjetaman, akkasumas meeshaalee dhagaarraa muruu kan akka dhagaa cilee, kanneen

adamsuufi wantoota salphaa hojjechuuf ittifayyadaman qabu turan. Ibidda tolchanii nyaata bilcheessuufi ho'isuuf ittifayyadaman.

Gogaa bineensotaa irraa uffata tolchan, boodarra immoo hodhan. Hawaasni kan jalqabe yeroo namoonni hojii addaa hojjechuu jalqabanitti ture. Kunis qoqqoodinsa hojii jedhama. Qoodinsi hojii namoota akka walirratti hirkatan kan taasisseefi qaroominni walxaxaan akka uumamu taasisseera.

Turizimii fakkiiwwan holqaafi aartii dhagaa hiyyummaa salphisu

Aartiin dhagaafi fakkiiwwan holqa keessa seenaa badhaadhaa Oromoofi Oromiyaa darbeetiin miira boonsaa cimaa nuuf kennuu qofa osoo hintaane, egeree keenya keessattis gahee olaanaa

taphachuu danda'a.

Turizimiin aadaa kutaa indastirii turizimii saffisaan guddachaa jiru yoo ta'u, biyyi keenya darbees Oromiyaan bakkawwan hambaan aadaa seenaa duraa hedduu qabu.

Hambaan aartii dhagaa Afrikaa addunyaarratti kan hunda caalu yoo ta'u, qorannoo aartii dhagaa qulqullina qabuufi waggoota hedduuf hubannoon irratti uumamaa tureedha. Kunis daawwatoota gara iddoo aartii dhagaa tokkoo geessuun seenaasaa hedduu ibsuu dandeenya.

Kanaafuu misoomni aartii dhagaa fakkiiwwan holqa keessaa investimantii, yeroofi maallaqa guddaa kan barbaadu ta'us, yoo kunuunsine bu'aa olaanaa irraa agachuu dandeenya.

Naasir Ahmadiin (qorataa holqaa)

Shinooyyee, Ashandaa, Shadayifi Solal...

Kunis maallaqni guddaan socho'ee dinagdeen biyyaa akka guddatu gochuu keessatti iddoo olaanaa qabaatu jechuudha. Industirii uffannaa aadaa dadammaqsuufi gara gaariitti jijjiiruu keessattis faayidaa olaanaa kan qaban ta'uu eeraniiru. Hariiroo hawaasaa gama hawwasummaatiin jiru cimsuu keessattis ayyaanonni kunniin gumaacha guddaa qabu jedhu.

Taateen ayyaanota kanneen keessatti mul'atan fakkeenyaaf, akka naannoo Tigraayitti Ashandaan shamarran mudhiisaanii hidhatanii, harkattis qunnii qabatanii mana namaarra naanna'uun "Bararraa baratti darbi, gammachuu argadhufaa" jechuun eebbisu.

Ayyaanni Shinooyyees shamarran laga bu'ani qunnii buqiffachuun mana hawwootaa deemanii eebba fudhaachuun gammachuu, hawwiifi jalaalasaanii ibsatu. Kunis dhimmoota walfakkeenya ayyaanota kanneenii sirriitti ibsan keessatti kan eeramuudha jedhan Obbo Asfaawu.

Kana malees qaamoleen ayyaana kana kabajan ijoollee daa'ima xiqqoodhaa kaasee hamma dubara qarree (hinheerumne) of keessatti kan hammatuudha. Gama biraatiin sirbiisaanii, akkaataan itti waa seenessan naannolee hundatti ergaawwan

walfakkaatu kan dabarsaaniidha. Kunis kan agarsiisu walittihidhaaminsa sabaafi sablammii gidduu jiru hammam akka walitti siiquudha jedhu.

Haalli uffannasaaniis aadaa naannoosaaniin walfakkaatu uffachuun aadaa, duudhaasaaniifi mallattoo eenyummaasaanii itti ibsataniiidha. Kunis kan agarsiisu sabaafi sablammii biyya keenyaa aadaafi duudhaawwan garagaraa qabaatanis haalli itiraawwatan garuu daran kan isaan walfakkeessuudha.

Akka Obbo Asfaawu dubbatanitti, uffannawwan gara dinageetti jijjiiruufi diizayinoota ammayyeessaa deemuuf kan fayyaduudha. Gama biraatiin daddabarsa maallaqaa, sharafa alaafi carraa hojii uumuu keessattis gahee olaanaa kan qabuudha. Haalli adeemsa galteewwan bituu, aartii hojjachuufaa hariiroo hawaasummaafi walittihidhamiinsa ummata keessa jiru kan cimsuudha.

Ayyaanota kanneen wajjumaan kabajuun walittihidhaaminsaafi waliigaltee hawaasa gidduu jiru cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Ayyaanonni kunniin akka Finfinneetti Hagayya 16 bara 2015 irraa kaasee hanga jala bultii ayyaana Irreechaatti bifa ho'aa

ta'een kan kabajaman ta'uu eeranii, ayyaanota kanniin ibsama aadaa ummata bal'aa waan ta'aniif hamba addunyaa gochuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa akka jirus dubbataniiru.

Egaa, ayyaanonni shamarranii kunniin duudhaa waliin jireenyaa ummataafi aadaa walirraa dhaaluu kan mul'isaniidha. Calaaqqee hariiroo aadaafi hawaasummaa ummataatiis.

Shinooyyee/Ashandaan/Shaday/Ashandiyee/Solal mallattoo ol ka'umsaafi jijjiiramaa waan ta'aniif durirra har'a nu barbaachisu.

Shamarran ayyaanicha baroota rakkisaa keessallee haala walqixxummaasaanii calaaqqisiisuun kabajaa turaniiru; nutis waantota gufuu ta'an mara injifachuun tokkommaa waloof waliin yaa hojjennuun, duudhaa keenya haa eeggannu, haa kabajnu.

Ayyaanonni kunniin akkuma hariiroo hawaasummaafi aadaa ummata cimsuun mallattoo tokkummaa ta'an nutis biyyaafi ummata cimaa ijaaruu waliin yaa dhaabannu. Eegamaniifi galmaa'ani dhalootaa dhalaootatti akka darbaniif xiyyeeffannaan irratti hojjatamuus qaba.